# XIINXALA FAYYADAMA AFAANII

# ASOOSAMA ‘’ABDII HAADHAA’’ KEESSATTI

GAARUMMAA NAGAASAA

WARAQAA QORANNOO DIGRII BAACHILARII, ARII ARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA

JOORNAALIZIMIIF QUUNNAMTII

YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/2021

FINFINNEE

# XIINXALA FAYYADAMA AFAANII

# ASOOSAMA ‘’ABDII HAADHAA’’ KEESSATTI

GAARUMMAA NAGAASAA

GORSAA:Dr. ADDUNYAA BARKEESSAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARIARTII

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII QUUNNAMTIIN

GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOKLOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA

JOORNALIZIMIIF QUUNNAMTII

YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA,2014/2021

FINFINNEE

# GALATA

Duraan dursee barnoota koo eegalee akkan xumuruufi qorannoo kana bifa kanaan qabsiisee akkan raawwadhuuf fayyaafi nagaa kan naaf kenne waaqayyoon guddaan galateeffadha.

Itti aansudhaan qorannoo kana haala qulqullina qabuufi mija'aa ta;een akkan geggeessee xumuruuf jalqabaa kaasee hanga xumuraatti nuffii tokko malee gargaarsaafi gorsa ogummaa kan naaf taasisan gorsaa kooDr. Addunyaa Barkeessaaf galanni koo daangaa hin qabu.

Dumarratti barnoota koon akkan milkaa'uuf dadhabbiif, mufannaa tokko malee muchummaa koo irraa jalqabdee bonaafi ganna,beekumsaafi walaalummaa ko keessatti kan nabiraa hin hafne, gama hundaan gargaarsa kan naaf goote Haadha koo Aadde Yaadatee Ol'aanaa baay'een galateeffadha.

# Axereera

*Kaayyoon qorannoo kanaa Asoosama 'Abdii Haadhaa' fayyadama afaanii irratti xiyyeeffachuun xiinxaluu yoo ta'u,qoannoon baayeen ogafaa oromootiin gegeefaman.ogbarruun barreeffama afaan oromoo garuu xiyeeffannoo waan argate hin fakkaatu. Ogbarruun afaan oromoo xiyyeeffannoo dhabuun immoo, guddina afaanichaatiif gumaachi inni godhus gadi bu'aata'u danda'a. kunis dhimma fayyadama afaaanii waan ta'eef. Malli qorannoo kanaas, mala akkamtaa keessaa iddattoo akkayyootti fayyadamuun mala miti carraatiin filatamee jira.iddattoo kanaan funaanuunis, mala ibsaa fayyadamuun qaacceffameera.argannowwan qorannoo kanaa barreessaan afaan inni fayyadame malleen dubbii, garaagaraaa akkataa qabiiyyee ergaa isaan dabarsan irratti hundaa'uun ka'ameera. Itti aansunis, fayyadamni jechotaafi mammaaksonni jechoota barsiisuuf mijatoo waan ta'aniif qabiiyyee barnoota dabarsuu danda'aniin barreeffamaniiru. Akka ciminaatti kan ilaalamu jechoonni bakka barbaachisutti galuun fayyadama afaanii sirriitti kan hawaasni oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti fayyadamu ta'uu isaati.akka dadhabinaatti kan ilaalaman ammoo, barreessichi darbee darbee sirna tuqaaleefi dogoggora qubee sirrii hin taanetti gargaaramuun isaa mul'ateera. akka furmataatti kan ilaalame afaan oromoo reefuu guddinarra jiru fiixaan baasuuf, barreessittoonni dogoggora qubeefi sirna tuqaalee irratti osoo xiyyeeffatanii gaariidha.akkasumas,asoosaan tokko himoota gar malee dhedheeroo ta'anitti fayyadamuu dhiisee himoota gagabaaboofi giddu galeessan fayyadamuun barbaachisaadha. Garmalee dhedheerachuun himootaa dubbistoota nuffisiisu danda'a.dabalataanis, asoosaan tokko barreeffama isaa gabaaf dhiyeessuun dura,seera qubeessuufi haala qindaa'ina barreeffama isaa irra deddeebi'ee dubbissuun mirkaneessuu qaba.*

Baafata

Qabiyyee Fuula

GALATA ... i

Axereera ... ii

Baafata ... iii

BOOQONNAA TOKKO: SEENSA ... 1

1.1 Seenduubee Qorannichaa ... 1

1.2. Ka'umsaQorannichaa ... 3

1.3. GaaffileeQorannichaa ... 4

1.4 . kaayyoowwan Qorannichaa ... 5

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ... 5

1.6. Daangaa Qorannichaa ... 5

1.7. Hanqina Qorannichaa ... 6

BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'A BARRUU ... 7

2.1. Maalummaa Afaanii ... 7

2.2. Fayyadama Afaanii ... 8

2.3. Fayyadama Afaanii Asoosama Keessatti ... 8

2.3.1.Fayyidama jechootaa ... 9

2.3.2. Fayyadama Himaa ... 11

2.4. Malleen Dubbii ... 11

2.4.1. Fayyadama Dubbii Haalaa(Qolaa) ... 12

2.4.2. Mammaaksa ... 13

2.5. Sakkatta'a Barruu walfakkii ... 14

BOQONAA SADII: MALA QORANNOO ... 16

3.1. Saxaxa Qorannoo ... 16

3.2. Iraawwatama ........................................................................................................ 16

3.3. Mala Iddatteessuu ................................................................................................... 16

3.4. Mala Funaans Odeeffannoo ........................................................................................ 17

3.5. Mala Qaacceessa Odeeffannoo ..................................................................................... 17

3.6. Qindoomina Qorannoo ................................................................................................ 17

BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAFI XIINXALA RAGAALEE ........................................... 19

4. Seensa .................................................................................................................. 19

4.1. Ibsaafi Qabiyyee Asoosamichaa ..................................................................................... 19

4.2. Haala Fayyadama Afaanii kan Barreessaa ......................................................................... 20

4.2.1. Filannoo Jechootaafi Akaakuwwan Sodoomii Mul'atan ........................................... 20

4.2.1.1. Filannoo jechootaa ................................................................................................ 20

4. 2.1.2.Fayyadama Dubbii Qolaa (sodoomii) ........................................................................ 28

4.2.2. Hammaafi Akaakuu Himaa Haala Tajaajilaan ........................................................... 32

4.2.2.1. Hamma Himaa ....................................................................................................... 32

4.2.2.2. Akaakuu Himaa Akkaataa Tajaajilaan .................................................................... 36

4.2.3. Dogoggorawwan Gama Qubeessuutiin mul'atan ...................................................... 38

4.3. Afoola Asoosichi Itti Fayyadame .................................................................................... 40

4.3.1. Mammaaksa .......................................................................................................... 40

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA ...................... 42

5.1. Cuunfaa ................................................................................................................... 42

5.2. Argannoo ................................................................................................................. 43

5.3. Yaada Furmaataa ..................................................................................................... 44

WABILEE .................................................................................................................... 45

# BOOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Ogbarruun Afaan Oromoo waggoota muraasa keessatti guddina gaarii agarsiisa jira.kana kan mirkanneessus, Gosa ogbarruu keessaa asoosamaafi alasoosamni adda addaa kan baay’inaan tilmaaman barreessittoota afaan oromootiin maxxamfamanii hawaasaaf dhiyaachuu isaaniiti. gbarruun hiika dhaabbataa tokko qabaachuu baatus dhala namaa wajjin walitti dhufeenya cimaa qaba. Kunis dhalli namaaogbarruutti fayyadamee waan keessa isaa jiruufi itti dhaga’ame karaaittiinbaasee ibsatudha.Yaada kanaan walqabsiisuun Asafaa(2009) ogbarruu yoo ibsu, “OgbarruunOgummaa kalaqa waa uumuu ta’ee kan muuxannoo jiruufijireenya keenya haqa irratti ittiin bu’uuressinuufi qabatamaatti ittiin miidhaksee ibsinuudha,”jedha.Yaada kanairraa kan hubbannu ogbarruun dandeettii waa uumuu ilma namaa yookaan kalaqqii sammuu ilma namaata’ee dhugaa hawaasa keessaajirubu’uura godhachuun dhugaa hawaasicha keessa jiru sana miidhagsuufi kalaqqii sammuu keenyaan jajjabeessuun dhugummaa isaa qabatamaatti kan agarsiisnudha.

Ogbarruun jiruufi jireenya hawaasa tokko bu’aaba'ii jireenya keessatti hawaasicha mudatan gaariista’u gadhee,ciminas haata’u,dadhabina Ogbarruun ibsituu saba tokkooti. Sabni kamuu kan ittin ibsamu ogbarruu isaatiini. Sabni seenaa mataa isaa qaba.Seenaan sabichaa immoo ogbarruudhaan ibsama. Yaaduma kana kan cimsu,(Zarihuun,2009:3) yoo ibsu, ‘’ogbarruun hojii kalaqaa afaan ittiin dhiyaatu giddugaleessa godhachuun unka garaagaraa fayyadamee waa’ee namootaa,waan namootaan hojetaman akkasumas, waan jiruufi jireenya keessatti nama mudatan dhugaa jiruun wal qabsiisee afaaniifi barreeffamaan miidhegsee kan dhiyeessuudha’’ jedha. Kanaafuu Ogbarruunkalaqa sammuu dhala namaa ta’ee, haala miidhaginaafi filannoo jechootaa qabuun jiruufi jireenya saba tokkoo bifa barreeffamaafi afaaniin kan dabarsuudha.

Ogbarruun bakka gurguddaa lamatti qooduu dandeenta.isaanis: Ogbarruu barreeffamaafi Ogbarruu afoolaati. Yaada kana ilaalchisee Asaffaan (2009) akka ibsutti, ‘’Ogbarruun kalaqa sammuu ta’ee, jechoota filatamoodhaan yaada barbaade afaaaniinis ta’e barreeffamaan miidheksee mul’isee kan dhiyeessuudha.’’ jechuun ibsee jira.kana jechuun dhalli namaa kalaqa sammuu isaatii bifa barreeffamanis ta’e afaaniin jechoota filatamootti fayyadamee yaada isaa karaa ittiin ibsatu akka ta’e agarsiisa.

Afoolligosoota ogummaa keessa tokko ta’ee, kanneen eenyummaa saba tokkoo ibsuudha.afoolaaf eenyummaa saba tokkoo addan baasanii ilaaluun hin danda’amu.kan eenyummaa saba tokkoo calaqisiisan kana  waraqaa qorannoo eebba isaa digirii lammaffaa guuttacuuf,(2019),Addis Ababa yuunivarsiitiif dhiyeesse keesstti Haayiluu (1997:4) akka ibsutti ‘’ibsituu eenyummaa saba tokkoo waantoonni ta’an kun ammo, dhalootaa dhalootatti dabarfamaa kan dhufaniifi har’as dabarfamaa kan jiraniidha’’ jedha.Yaada kanarraa akka hubannutti ogafaanni sabni tokko aadaa akkamii akka qabuufi mallattoo eenyummaa saba tokkoo mul’isuuf gargaara jechuudha.

Ogbarruu barreffamaa kanneen jedhaman ammo, kalaqaa sammuu dhala namaa barreffamaan taa’anidha. Fedhasaa(2013:30)yaada kana akka ibsetti ogbarruu baarreeffamaa kan jedhamu kalaqasammuu ilma namaa ta’ee, kan waraqaa irratti katabamuun dubbistootaaf deebi’ee dhiyaatudha.Ogbarruu barreeffamaa kanneenjedhaman immoo walaloo,diraamaa fiiilmiifi asoosama. yaaduma kana Asafaan (2009:36) yemmuu ibsu, ‘’goorowwan ogbarruu keessaa asoosamni,diraamaafi walaloon isaaan gurguddoodha.’’ jedha. Yaadi kun kan ibsu, ogbarruun akaakuwwan garaagaraa ofkeessaa akka qabu, asoosamni immoo goorowwan kanneen keessaa tokko akka ta’e ibsa.

Walumaa galatti ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaa ta’ee,kan afaaniifi barreeffamaan dhiyaatu,akkasumas, miidhagina artii afaanii gargaaramuun bifa nama hawwatuufi miira namaa to’achuu danda’uun, ergaa kan dabarsuudha.ogbarruu kanaanis ergaa sirrii ta’e dabarsuuf haala itti fayyadama isaa beekuun barbaachisaadha.

Fayyadama afaanii keessaa tokko kan ta’e barreessaan tokko haala seera caaseffamaafi seerluga afaanii beekutu irraa eegama. Afaan kamiyyuu seerluga mataa isaa kan qabu yoo ta’u, seerluga isaa kanas yoo haala seera qabeessa ta’een itti fayyadaman guddina afaan tokkoof gahee ol’aana kanqabuudha.keessumayyuu kan akka afaan oromoo reefuu gudinarra jiru cimsuuf caasluga afaanichaa of eeggannoon itti gargaaramuun barbaachisaadha.

Guddina afaan tokko keessatti barreessitoonni ga’ee guddaa taphatu. Ga’eewwan isaan taphachuu danda’an keessaa muraasni:- afaanichaan qorannoo adda addaa geggeessuu, kitaanba haalaitti fayyadama caaslugaafi seerluga afaan tokkoo barsiisan barreessuufi hojiiwwan yaad-

uumee kanneen akka walaloo,tiyaatira,fiilmii,asoosamaafi kanneen biro seera itti fayyadama afaan sanaa eeguun barreessudha.

Barreessaan tokko akkuma gosa barreeffama isaatti ogummawwan sanageggeessu gahaa qabaachu qaba.barreeffamni tokko seerlugaafi caaslugaa afaan sanaa eegee yoo sirriitti barreeffame dubbistoota biratti fudhatama horata. Ogummawwan afaan tokkoo keessatti barreessittootaaf barbaachisan keessaa fayyadamni afaanii isa jalqabaati.ogummaan kunis ciminaafi hir’ina murteessuuf akka ulaagaatti tajaajilu danda’a.

Walumaa galatti fayyadama afaanii yoo jennu,yaaxinaalee caaslugaafi seerlugaa kan ofkeessatti hammatu ta’ee,haala barreessaan tokko caasalee sagalee hamma himaatti jiran itti fayyadame kan xiinxaluudha.Qorannoo kana keessattis, haalli itti fayyadama afaanii asoosama dheeraa ’Abdii Haadhaa’ jedhu keessatti kan ibsamuudha.

**1.2. Ka’umsaQorannichaa**

Afaan oromoo yeroo dhiyoo as afaan qo’annoofi qorannoon addaaddaa ittigeggeefamaa jiruufi sadarkaa afaanota biroo irra gahaan faana hiriiru erga jalqabee bubuleera.kunimmoo, guddina afaanichaa saffisiisuudha.Haaluma kanaan qorannoowwan bifa garaagaraan afaanirratti geggeeffamaajiru.Irracaalatti ogafaan kantahaan kanneen akka walaloo, mammaaksa, faaru, aadaawwaangaraagaraa irratti kanxiyyeeffate yoota’u,hamman hubadhuutti qorannoobay’een ogafaan oramootiin geggeeffaman.Ogbarruun barreefama oromoo garuu xiyyeeffannoo waan argate hin fakkaatu. kannaaf jiruufi jireenya nama keessatti afaan dhimmoota hawaasa keessaa isamurteessadha.Dhimmi hawwaasa immoo,haala garaagaraatiin raaawwatu. Afaan tajaajila akkami akka kennuu hawwasa garragaraa biratti akkamiin akka dubbatamuu beekuun barbaachisaadha. akkasumas,haalli afaan itti fayyadamnuu odeeffanno argachuus ta’e,dabarsuu feene irratti hundaa’a.kana jechuun:dhimmoonni barreeffamanis ta’e, dubbiidhaan dhiyeessinu ga’umsa nuyi fayyadama afaanicha irratti qabnuun murta’aa.

Afaan dubbii kanjennuu,fayyadamajechootaal-idileejechuudha. Afaan barreeffama kan jennu immoo isa hawwaasni dubbiin yookiin barreeffamatti gargaaramudha. Yaada kana ilaalchisee Getaachoo,(2011) akka ibsutti ‘’jechoonnii idilee jechoota waalta’aniif waajiraalee adda addaa keessatti itti fayyadamnudha”jedha.kana jechuun jechoonni kan namoota baay’eefi bakkeewwan baay’eetti itti tajaajilamnuta’ee, kan beekaman jechuuagarsiisa.afaaniinis tahe barreeffamaan

yeroo ergaa dabarffannu, ergaan keenya haala adda addaa keessatti hawaasa biratti yeroo ilaalamu hiika adda addaa qabaachuu danda'a. afaan barreeffama keessa ogbarruun dhugaa hawaasa keessa jiru ta'ee, fakkeessuun haala miidhagina qabuun yookiin hawwatuun dandeetti barreessa irratti hundaa'ee kan dhiyaatudha.akkasumas, hawaasni tokko ogbarruu mataa isaa akka qabaatu godha. Haala wal fakkaatuu hayyuun Brumfit fi Carter(1996) yoo ibsan, ''biyyoota guddachaa jiran keessatti ogbarruun sina barnoota keessatti hammatamuun guddina afaanichaaf gahee ol'aanaa qaba.''jedhu, kunis asoosamni gosa ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko waan ta'eef,akkaataa fayyadama jechootaa keessatti argamuufi qabiiyyeen isaa barnoota afaanichaa keessatti hammatamuun guddina afaanichaaf gahee ol'aanaa gumaacha.

Asoosamni qaama ogbarruu keessa tokko ta'ee barreessan tokko hojiiisaa keessatti qabiyyeewwan garaagaraa fayyadamuun kan barreessudha.barreessan tokko hojii isaa keessatti qabiiyyewwan adda addaa makuun kan barreessu waantoota hawaasa taajjabe,ilaalee adda baasse, seena dhugaa fakkeessuudhaan kan ibsuufi namootas, buhaarsaa barumsa kan dabarsuudha.Kunis afaan itti fayyadamuudhaani.Barreessitoonni asoosamaa yeroo baay'ee kaayyoo mataa isaanii irratti hundaa'a waan barreessaniif fayyadama afaaniiirratti xiyyeeffannoo hin kennaani.Dabalataniis,dubbistoonni barreefama asoosamicha keessaa hubachuu kan danda'an akkaata asoosamichaa keessatti tajaajilu addaan baasee yoo hubate qofaadha.

Xiyyeeffannoon qorataa kanaas afaan barreeffamaa irratti yoo ta'u, asoosama mata dureen isaa “AbdiiHaadhaa” jedhu kan Sisay Reta barreesse keessatti fayyadama afaan barreessichaa bu'uura godhachuun xiinxaluudha. Xiyyeeffannoon gama kanaan jiru gadi bu'aa waan ta'eef hanqinoota gama seerlugaafi caaslugaan mul'ataniif dogoggorawwan qubee asoosamichaa keessatti mul'atan sirreessuudha. Kana malees gara fuula duraatti xiyyeeffannoon barreessitootaaf dubbistoota og-barruu barreeffamaa keessaa asoosama irratti akka xiyyeeffatan gochuu danda'a. kanarraa ka'uun xiyyeeffannoon qorataa kana kakaase,hojii barreessa Siisay Rattaa fayyadama afaan asoosama isaa irratti geggeessuuf isa kaakaaseera.

### 1.3. GaaffileeQorannichaa

Qorannoon kun gaaffiilee armaan gadiideebisuuf yaala.

- Asoosama ‘Abdii Haadhaa’ jedhu keessatti fayyadama afaani akkamiitu mul'ata?
- Qabiyyeen fayyadama afaanii asoosama ‘Abdii Haadhaa’ jedhu keessaa maali?

**1.4 . kaayyoowwan Qorannichaa**

Kaayyoon goooroo qorannoo kanaa haala barreessaan asoosama dheeraa 'Abdii Haadhaa'jedhu keessatti afaanitti fayyadame ibsuudha. Kaayyoon gooree immoo, akka armaan gadiitti tahu;

- Fayyadama afaanii asoosama mata dureen isaa 'Abdii Haadhaa' jedhu keessaa addaan baasuu
- Qabiiyyeen fayyadama afaanii asoosama mata dureen isaa 'Abdii Haadhaa jedhu keessaa ibsuu

**1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa**

Bu'aa qorannoo kanaatti namoonni gargaaramuu danda'u. Isaanis;

- Barattootaafi barsiisota dhimma kanaan walfakkaatu irratti qorannoo geggeessaniif ni fayyada.
- Ogeeyyii dhimma afaanii irratti hojetaniif ni tajaajila.
- Dhaabbileen maxxansa kitaabaa fayyadamtoota tahuumalu.
- Dhaabbileen barnoota mootummaafi miti mootummaa fayyadamtoota tahuu danda'u.

**1.6. Daangaa Qorannichaa**

Ogbarruun oromoobal'aafi dame hedduu kan ofjalatti qabuudha.kanneen keessaa muraasni; ogwalaloo, asoosama, ala soosama,diraamaafi barruuleefaa maqaa dha'uunnidanda'ama. Haaluma kanaan asoosamni afaan oromoo hedduun asoosaa adda addaan barreeffamaa jiran hunda irratti osooqorannoon geggeeffamee bu'aan irra argamu guddaa ture. Haata'umalee, hanqinayeroofimaallaqaa irran kanka'e qorannoon kun karaa lamaan dangeffameera.Asoosamni barreessaa Sisay Retaan barreeffame asoosama mata dureen isaa 'AbdiiHaadhaa' jedhu bare 2012 kan maxxanfame irratti kan geggeeffamu yoota'u, gama qabiiyyeen immoo, fayyadama afaaniiirratti xiyyeffachuun kan xiinxalamuudha. Akkasumas,yaaxinaalee asoosamni ittiin xiinxalamu keessaa fayyadama afaaniiirratti xiyyeeffachuun asoosamichi daangeffameera.

## 1.7. Hanqina Qorannichaa

Hanqinni qorannoo yeroo qorannoon geggeeffamu waantoota qorannicha keessatti osoo hojetamuu qabanii hin hojjetamin hafaniidha.kana ibsuun immoo qorataan sana booda dhufu hanqina jiru hubatee gadi fageenyaan akka hojjechuu qabu kan mul’isuudha.hanqina qorannoo kanaas kan ta’e hanqina yeroofi maallaqaa irraan kan ka’e hanga barbaadameen ol ga’uu dhiisuu isaati. yeroofi maallaqi hanqina qorannoo kanaa ta’ullee qorataan hanga danda’ametti qorannicha hiika qabeessa gochuuf kitaaba garaagara sakkata’uun ibsuuf itti gargaarameera.

BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'A BARRUU

## 2.1. Maalummaa Afaanii

Afaan iddoo garaagaraafi yeroo garaagaraatti hayyoota afaanii hedduun ibsama.Hayyoonni kunis hiika afaanii yennaa kennan kallattii hubannoofi muuxannoo isaanii irratti hunda'anii ta'uudanda'a. Maalummaa afaanii kitaaba Wasanee ''(2000:280) keessatti akkanatti ibsame.''Afaan sirna sagalee yookiin jechootaa kan ilmi namaa waliigaltee yaadaatiifi miiraatiin ittiin raawwatu meeshaa walquunnamtiiti.'' Akkuma kitaabi cha keessatti ibsame afaan adeemsa sagaloonni afaan tokko keessa jiran karaa seera qabeessa ra'een wallitti qindaa'uun ergaa dhaamsa tokko dabarsuu danda'u hawaasa afaanicha dubbatuuf dabarsuu danda'aniidha. Akkasumas, afaan meeshha walquunnamtii ta'ee,adeemsa ilmi namaa yaada isaa,miira isaa,fedhiisaa,dhiphina isaafi kanneen biroo kan ittiin ibsachuu danda'uudha.

Gama biraatiin, maalummaa afaanii addunyaan (2010:1) akka armaan gadiitti ibsa.

> jiraachuuf ammo, afuura baafachuufi yaaduun dirqama jireenyaati. Afuura baafannaan lubbu qabeeyyii birootiin kan wal fakkeessu yoota'u, yaaduun garuu bakka addaati. (pointof departurye). Afaan kan ittiin yaadan Afaan waahalle, kan nittiin jiraatan , kan itti jiraataniifi walquunnamaniidha.

Haaluma armaan olitti ibsameen afaan waantoota ilmaan namaatiif barbaachisan keessa tokko ta'ee, akkuma namni tokko bishaaniifi nyaata malee jiraachuu hin dandeenye, afaaniinis dubbatu malee waliigalteen jiraachuu hin danda'u.hiikawwan beektota armaan oliin afaaniif kenname cuunfinee yoo keenyu:-afaan meeshaa walquunnamtii ta'uu isaa,akkasums,afaan tooftaa ittiin walii galaniifi wal hubatan ta'ee, filannoo biro kan hin qabne ta'uu isaa hubanna.

Afaan akka meeshaa cimaatti kan gargaaru ta'ee,duraan dursumayyuu nama ta'uu keenya kan murteessuufi bineensa biroorraa kan addaan nubaasuun nubeesisuudha yoo jedhame yaada mormii hin qabneedha. Afaan ibsituu eenyummaafi aadaa saba saba tokkooti. Sabni tokko akka sabaatti lakka'amuuf afaan qabaachuu qaba.Afaan akkuma waantonni bu'uuraa kanneen akka nyaataa,bishaanii, uffataafi manni jireenya keenyaaf murteessoo ta'aan,afaanis fayadama walgitu kan nuuf kennuudha. Addunyaa keessa jiraannu hubachuuf, waliin adeemuufis ta'e qajeelchuuf afaan akka furtuu cimaatti nu tajaajila.Afaan muuxannoowwan keenya haala barbaadameen qideessuufi nama biroof qooduuf kan nugargaaruudha.

## 2.2. Fayyadama Afaanii

Fayyadama afaanii jechuun haala itti fayyadamaan afaan tokkoo seeraafi caasaa afaan tokko hubatee itttiin barreessuus ta'ee dubbachuus danda'u jechuudha. Fayyadamni afaanii kun kan dubbataafi kan barreessaa jedhamee iddoo lamatti hiramuu danda'a. Fayyadama nafaanii kan dubbataa yoo jennu,akkaataa dubbataan afaan tokko dubbisa keessatti afaaniin fayyadame kan agarsiisuudha.Fayyadamni afaanii kan barreessa immoo, haala barreessaan barreeffama isaa keessatti afaanitti tajaajilame kan ilaalatuudha.

Gamabiraatiin,fayyadamni afaanii kan barreessaa kun barreeffama kalaqaafi barreeffama miti kalaqaa keessatti addaan ba'ee ilaalamuu danda'a.kana jechuun haala barreessaan hojii kalaqaa asoosama, walaloo,diraamaa, fiilmiifi wkkf keessatti afaanitti dhimma itti ba'e kan mul'suudha. Fayyadani afaanii Barreefama mitti kalaqaa keessatti yennaa ilaalamu immoo, haala fayyadama afaanii barreessaa barreefama idilee keessatti mul'atu irratti bu'uureffamee kan ilaalamuudha.

## 2.3. Fayyadama Afaanii Asoosama Keessatti

Jiruufi jireenya dhala namaa keessattis ta'e barreeffama keessatti fayyadamni afaanii kan hafuu hin dandeenyeedha.dhalli namaa yaada wal jijjiirree kan walqunnamu afaanitti gargaarameeti. Afaan kun ammo, haala dubbiifi barreeffamaan gargaaramuu danda'a. Afaan kan qo'atamu haala caasaafi fayyadama isaatiini.Kana jechuun caasaa afaanii yeroo jedhamu qaaccessa xiinsagaa,xiinjechaa,xiinhimaa afaaniiti.fayyadama afaanii jechuun xiinqooqa qo'achuu waan ta'eef, qo'annoon fayyadama afaaniifi caasaan afaanii tokko miti.kanaafuu qo'annoon fayyadama afaanii haala adda addaan hojiirra oolmaaafaanichaa qo'atuudha.kanaafuu hojiin fayyadama afaanii irratti hojjetamu,garaagarummaa haala xinqooqaafi hawaasummaa adda baasuufi ibsuu irratti kan xiyyeeffatuudha.kunis fayyadamni afaanii walqunnamtii inni hawaasaa wajin qabu salphaa miti.kanaaf fayyadamtooto dhuunfaatii kaasee hamma hawaasa bal'aatti jiraachuun nidanda'ama.. Akkasumas, yaadrimee fayyadama afaanii haala hawaasummaa kamiyyuu keesstti beekumsa gahaa afaanichaa qooddachuu giddu galeeffachuu qaba.kanas wal qunnamtii hawaasichaa faana hiriiru qabaachuu isaati.

Fayyadama afaanii yoomessa murtaa'e tokko keessatti ragaa baay'ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo isaaniitti dubbataman, haala akkamii kaeessatti akka dubbataman ilaalchaafi amantii afaanichaa irratti namni sun qabu kan hammatuudha.walff (2000) ''Fayyadama afaanii

sirriitti hubachuuf gaaffilee akka yoom,eessatti, maaliif, akkamitti, maaliin, eenyuuf gaaffilee xinqooqa hawaasaa walqabatan haasa'anii hubachuun ni danda'ama.'' Jedha. Kana jechuun afaan hawaasni fayyadamu haalawwan akkamiifi yoommessa akkamii keessatti akka gargaaramuu danda'amu kan mul'isuudha. Namni tokko afaan akkaata barbaadeen filachuun bakka adda addaatti dhimma adda addaaf fayyadamuu danda'a. Haala yaaxina xinqooqa hawaasaa ibsuun fayyadama afaanii irratti haala qabatamaa lamatu jira. Isa fayyadamni afaanii, haala hojiirra ooluun jijjiirama hammatamuufi hawaasni hunduu, afaan akkuma dhimmichaatti gargaaramuun fayyadamuudha.

Akka qorannoo kanaatti haallis  fayydamma afaanii kan barreessaa hojii kalaqaa kan ta'e asoosama keessatti kan ilaalame yoota'u, asoosama keessattis haala fayyadama afaanii asoosama dheeraa keessattiifi haala fayyadama afaanii asoosama gabaabaa keessatti jennee ilaalu ni dandeenya. Qorannoo kana keessatti kan ilaalu fayyadama afaanii asoosama dheeraa yoo ta'u,

Asoosamni dheeraan asoosama gabaaba irraa kan ittiin adda ba'u, qabiyyeen bal'achuu ykn dheerachuu,sabseena walxaxa qabaachuu, qoodatoota hedduu hirmaachisuufi dubbisanii xumuruuf yeroo dheera kan fudhatuudha.Asoosamni gabaan immoo qabiyyeen xiqachuu,sabseena isaa salphaati hubatamu,qoodatoota muraasa qabaachuufi yeroo gabaaba keessatti dubbifamee kan xumuramuudha. Herry shaw (1972:980) Asoosama gabaaba yoo ibsu, ''Asoomaddeen yeroo murta'e tokko keessatti kan dubbifamee xumuramuu danda'u, qoodataa tokko irratti kan xiyyeeffatu,yoommessa murta'erratti kan daangeffameefi qoodatoota muraasa kan qabuudha.''jedha akkuma yaadicharra hubannutti, asoosamni dheeraan dubbisuuf yeroo dheeraa,hubachuuf yaada bal'aa,akkasumas,qooddatoota hedduu qabaachuufi sabseena walxaxaa kan qabu yoo ta'u, asoosamni gabaabaan immoo,dubbisanii xumuruuf yeroo gabaabaa, hubatamuu salphaa,akkasuma qoodatoota muraasa qabaachuufi gooban galeessa tokko qofaa irratti kan xiyyeeffatu tahuun isaa asoosama dheerarra adda taasisa.

### 2.3.1.Fayyidama jechootaa

Barreeffamni tokko haalaan qidaa'ee hiika akka kennu gochuuf akkasumas miira dubbisaa akka harkisuuf jechoonni fayyadamnu murteessoodha.jechoonni kunis bifa garaagaraan  hima yookaan barreeffama keessatti  argamuu danda'u. Isaan kunis hiika walfakkiin,hiika galumsaan, hiika faallaan, hiika sirriifi dhokataa akkasumas bifa jechamaan  taa'uu danda'u.barreessittoonni

tokko tokko naataa jedhanii jechoota kalaqanii yoo barreessan ni mul'tu.haatahu malee, maaliif bareessaan jechoota akkasiitti gargaaramee qeequun hindanda'amu. Garuu jechoonni uumaman dubbisaafi barreessaa gidduu walii galtee ogummaa ogbarruu akka hin balleessineof eegachuun barbaachisaadha.kana malees ergaa dabarsuu barbaanne dubbistoota isaa biraan ga'uuf jechoota gargaarame adda baasee beeku qaba.

Barreessaan tokko hojii ogbarruu isaa rakkoo malee akka ofii barbaadu gochuuf baay'ina jechootaa yookiin jechootaan kan badhaadhe ta'uu qaba. Baay'in jechootaa qabaachuun qofti garuu, yaada ofii sirriifi akkaataa ifa ta'een dabarsuu dhiisuu danda'a. Kana jechuun jechoota hiika sirrii kan kennu jechi tokko uumamaan hiikni isaa kan beekame,kan namni huduu itti walii gale moggaasa ganamaa jechuu yoo ta'u, hiikni dubbii immoo,jecha hiika sirrii irratti rarra'ee kan muuxxannoo uummataa wajjin deemuudha.haaluma kanaan, fayyadama jechaafi amala galumsaa hubatee jechoota barbaachisoo bakka barbaachisutti gargaaramuu danda'a. Katambaan hiika jechootaa akka itti aanutti kaa'ee jira '' jechi waanta qabatamaan jiru tokko dubbii yookiin barreeffama keessatti kan bakka bu'uudha.''(Katamba, 1993:18) akka yaada kanarra hubannutti, jechi afaan keessatti akka bakka bu'aatti fayyada jechuudha.

Haaluma kanaan hiika jechootaa irratti barreessittoonni asoosamaa xiyyeeffannoon ilaaluu baannaan yaada dubbistootaa burjaajjessuu danda'a.kanaafuu, xiyyeeffannoon barreessaa hiika jechootaa irratti qabu muteessaadha. Jechoota kanas jechoota filatamoo barreessichi gargaarame ta'uu danda'a.hojii ogbarruu keessatti filannoon jechootaa sirriitti kan itti fayyadamuu qabuudha.

Barreessaan jechoota fajajoofi yaada sirriitti hin ibsinetti yoo fayyadame yaada dabarsuu barbaade harca'ee hafuu danda'a.kanaaf barreessaan jechoota filachuu irraatti kan xiyyeeffate ta'uu qaba.jechoota kanas jechoota filatamoo barressichi gargaarameen ta'uu danda'a.

Jechoota faallaa yaada foollaa kan qabaniidha.yaadni faallaa karaa adda addaan ibsamuu danda'a.Addunyaa (2014:112 ''jechoonni faallaa kanneen jennu walitti dhufeenya jechoota wal morkatan lama giddu jiruudha.'' Jechoota kanas karaa addaa addaan arguu danda'ama.isaanis, jechoota faallaa keessatti jechoota siyaasa,hawaasummaa,dinagdee,jaalala agarsiisan kallatii garaagaraan jechoota filatte irratti hundaa'uun ibsuu kan danda'uudh.kunis,yeroobaay'ee barreessaan barreeffama ogbarruu keessatti haala garaagaraan tajaajilamuu isaati.

Walumaa galatti jecha jechuun qaama afaan tokko ta'ee, walitti qindaa'ina sagaloota ykn birsagoota irraa kan uumauufi ergaa guutuu dabarsuu kan danda'uudha.Gama biraatiin,fayyadama jechaa jechuun bakka jechi gaaleen ykn yaanni tokko afaan keessatti itti tajaajilu dame qo'atu jechuudha. Kunnis kan ibsu barreeffama tokko keessaatti jechi nuti fayyadamnuufi barreeffama biroo keessatti jechi nuti dhimma itti baanu gargar ta'uu danda'uu isaati.Fkn jecha barreeffama idilee keessatti faayyadamnu,jechoota idilee ykn hiikaa kallatti qaban yoo ta'u,barreeeffama idilee ykn ogbarruu ta'e keessatti garuu,jechoota idilee ykn hiika kallatti qabanitti faayyadamna.Akkasumaas faayyadamni jechaa damee waa'ee caaslugaa qo'atuufi haala ittii faayyadama jecha tokkoo ittatti xiinxala gadi fageenya qabu taasiisuudha.Yaaduma kana kan deeggeru,interneetii maddi isaa,

> en.Wikipedia.org/wikip/word usage ta'e,maalummaa fayyadama afaan akka armaan gaditi ibsa.''Word usage studies where aword ,phrase,orconcept is used in a languageLexicographers gather sample of written or spoken instances where a word is used.Word usage may aiso involve grammar and thus the subject of profound analyasis.''

Akka yaaxina kana irraa hubanutti bakka jechi tokko barreeffamoota keessatti itti tajaajilu beekuuf, namoota galmee jechaa qo'atan gaafachuu kan dandeenyu ta'uu isaati.kanaaf barreessaan barreeffama isaa keessatti jechoota yeroo gargaaramu of eeggannoo cimaa isa barbaachisa.kana ta'uu baannaan wal hubannaa irratti rakkoon uumamuu danda'a.

### 2.3.2. Fayyadama Himaa

Fayyadamni himaa akkuma fayyadama jechaa, haala barreessaan tokko hima filatee itti fayyadame kan ilaalatuudha. Barreessan tokko hima akkaatan hamma isaatiif caasaa isaatiin filatee itti fayyadamuu danda'a. Hima hammaan yeroo filatu, hima gabaabaaykn dheeraatti fayyadamuu danda'a jechuudha.hima kallatii caasaan yennaa filattu immoo hima salpha, dacha,dacha xaxamaafi hima xaxamaatti fayyadamuu danda'a.

## 2.4. Malleen Dubbii

Namoonni kan ilaalan,kan dhaga'an, kan qaqaban,kan dhamdhaman,sammuu isaanii keessatti waanti fakkaattii uume nama biraatti himuuf miira isaanii nama biraatti kan itti himan,qaama dubbiiti. Malli dubbii haala amala tokko miira nama biraatiif yookiin bineensa biraaf kennuun

ykn wal fakkeessuun, waldorgomsiisuun,dhiheessa. American Encyclopidia (1985:195) Waa'ee mala dubbii yoo ibsu, ''malli dubbii ogbarruu keessatti karaalee adda adda fayyadamuun ergaa barreessaaf dabarsuu barbaade haala ifaafi cimina qabuun akka darbu qaama godhuudha,'' Jedha. haalli kunis ogbarruutti miidhagina kan uffisu ta'uu isaa kan irraa nubatamuudha.

Karaa biraatiin, warrinnier(1982:352) irratti yoo ibsu, ''it isfigutativies when it imaginative rather than factual'' jedha.haaluma kanaan malleen dubbii fayyadamuun haala salphaa ta'een ergaa barbaachisaa ta'e barreessaan itti gargaaramuudha.yaanni kun kan ibsu, dhugummaa yaada tokkoo kallatiin ibsuurra waanta haasaa keessatti kalaqamuun wal qabsiisuun sammuu fakkii dubbisaa ykn dhaggeeffataa keessatti kan mul'isu ykn kan kaa'uudha.akkasumas malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti gahee guddaa qaba. Addunyaan (2013:208) yoo ibsu malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa taheen dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsuudha'' jedha. Akka yaada barreeffama kamaatti, mala dubbii fayyamnu waanta tokko karaa namaaf hubatamuu danda'uun salphisee dhiheessuu danda'uudha. Kana jechuun haala namaaf galuun karaa xaxaa hin taaaneen kan dabarsuudha.

Malleen dubbii fayyadama afaanii keessaa tokko ta'ee ergaa barbaachisaa ta'e haala dubbisaan gadi fageessee hubachuu danda'uun kan dhiheessuudha.kanas dhalli namaa jireenya isaa keessatti  waantoota isa mudatan ittiin ibsachuuf  itti fayyadama. Haaluma kanaan, barreeffama asoosamaa keessatti  bifa garaagaraan ka'a.jechoota kana duubas hiika dhokataa akka qabaatan gochuun ogbarruu kalaqa.xiyyeeffannoon hiika jechoonni kallattii qaban iraa maqee yeroo fayyadu dubbii qolaan ibsama.jechoonni haala kanaan fayyadanis malleen dubbii jedhamu.

### 2.4.1. Fayyadama Dubbii Haalaa(Qolaa)

Fayyadamni dubbii haalaa sodoomii barreessitoonni barreeffama idilees ta'e alidileeykn ogbarruu keessatti itti fayyadaman kan ofkeessatti hammatuudha. Akkasumas, fayyadamni dubbi haalaa ykn qolaa akaakuu sodoomii barreessaan itti dhimma ba'e kan xiinxaluudha.Fayyadamni dubbii haalaa barreeffama tokkoo keessatti kaayyowwan garaagaraaf fayyaduu danda'u.innis hiika barreeffama tokkoo baay'ee ifa taasisuu danda'a, miira namni tokko dubbisuuf qabu kakaasuu danda'a, wantoota lubbuu hin qabneef lubbuu itti horuu danda'a.Akkasumas, miidhagina barreeffama tokkoo dabaluu danda'a. Yaaduma kana kan cimsu, Melakneh'n (1999:119) Faayidaa dubbii haalaa akka itti aanutti ka'a.

> In both oral and written communications,figures of speech serve avaritry of porposes. They are used to clarify meaning,to stimulate emotion and associations, to give life to in animate objects, and to amuse or ornament. Most importantly, they have anessentian aesthetic purpose of widening and deepening the range of our pereception and responses to the world of objects and ideas.

Walumaa galatti fayyadamni dubbii qolaa taatee jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti kan nama mudateefi kan ittiin jiraataniin walqabsiisee bifa miidhagina qabuun kan barreessaan ergaa kan ittiin dabarsuudha.

### 2.4.2. Mammaaksa

Mammaaksi afaaniin kan dubbatamu ta'ee, ilaalchaafi muuxannoo hawaasa tokkoo kan mul'isuudha. Akkasumas mammaaksi jireenya uummataa wajjin kan wal qabatuudha.dhimmoota uummata ilaalatan hunda ofkeessa qaba. Dhimmoonni kuni, waantoota naannoo isaanitti argaman waliin wal qabsiisuun kan mammaakamuudha. ''Mammaaksi dhimmoota walii gala kanneen akka haala qilleensaa, nageenya uummataa, aadaa, amantii, seeraafi seenaa jireenya maatiifi kaayyoo adda addaaf mammaakama.''(Encyclopedia of America,1985:350) yaada kanarraa akka hubannutti, mammaaksi haala salphaan akka qabatamuuf waantoota naannoo keenya jiran waliin wal qabsiisuun dhimmoota hawaasa keessatti argamu kan of keessatti qabatuudha. Gama biraatiin mammaaksi dubbii gabaabsuuf kan itti gargaaramnu ta'ee, muuxannoofi mudannoo, aadaafi duudhaa siyaasaa ibsuuf gargaaramna.

Haaluma kanaan namoonni dubbii isaanii gabaabsuun akkasuma. Barreeffamoota ogbarruu keessatti barreessaan mammaaksa ni gargaarama.barreessitoonni barruu isaanii keessatti mammaaksa dabaluun barreeffamichi miidhagina akka qabaatuufi miira namaa akka kakaasu godhu. Kunis yaada bal'ina qabu tokko walitti qabee dabarsuufiidha. Mammaaksi afaan tokko keessatti haala afaan biraa keessatti mammaakamuu qabu tokko miti.sababni isaa Ergaan mammaaksa dubbataa afaanichaaf malee, hiika namni kallattiin afaan biraarraa fuudhee itti kennu miti.

Walumaa galatti yaada kanarraa kan hubannu, afaan kamiyyuu yaada mammaksa qabaachuu isaati. Mammaaksi qaama dubbii tokkoo ta'ee, kaayyoo dhimma dubbatamaa jiru sana deggeruu kan qabuufi bifaan gabaabaa tahuu isaa ibsu.

### 2.5. Sakkatta'a Barruu walfakkii

Qorannoon kun qorannoowwan kanaan dura gama fayyadama afaaniin geggeeffamaniinis wal bira qabamee ilaalameera. Haaluma kanaan baratoota qorannoowwan garaagaraa gama dame xiinqooqaan geggeeffamaan turaniiru.qorqnnoowwan kana keessaas, qorattoonni baayinaan kudhan caalan haala fayyadama afaanii asoosamoota dheeraa adda'addaa keessatti qoratanii jiru. Qorannaa kana keessattis akka wal bira qabiinsaatti kan ilaalaman qorannoo baratoota sadi qofaadha.waraqaa qorannoo gama fayyadama afaaniin asoosamoota irratti hojjetame kana keessaa kan asoosama Abdii Haadhaa jedhamu irratti akka hin geggeeffamnes, gadifageennyaan sakkatta'amee jira.

Qorannoowwan kanaan dura gama fayyadama afaaniin gegeeffamanii wajjin wal bira qabamee ilaalameera.qorannoowwan kanaan dura gama fayyadama afaaniin gegeeffaman keessaa akka wal bira qabiinsaatti kan ilaalaman qorqnnoo barattoota sadiiti.

Qorannoo kanaan dura gama fayyadama afaaniin gegeeffaman keessaa kan **Hamad Muhaammad (2010) ''Xiinxala Sadoommiwwan Kitaaba Walaloo A'aa!'',** kan jedhu isa tokkoodha. Qorannoon Hamad kun boqonnawwan afuritti kan qoodame yoo ta'u, boqonnaa jalqabaa keessatti odeeffannoon haala waliigala qorannichaa akka seensaatti ka'amaniiru. Boqonnaa lama keessatti immoo afaaniifi ogbarruun akkasumas, malli dhiyeessa ogbarruu maali kan jedhu irratti ibsi bal'aan kennameera. Boqonnaa sadii keessatti mala qindoomina himootaafi hamma himootaa ibsuun agarsiiseera. Boqonnaa dhumaa keessatti immoo akaakuu sadoomii barreessichi itti fayyadame bal'inaan dhiyeesseera. Barreeffama qorannoo kana keessatti, qoratichi qabxiiwwan ka'uu malan kaaseera jechuu nidandenya.Qorataan kun ciminaafi hir'ina achi keessatti ml'atan fakkeenyaan kutee baasuun agarsiisuu danda'eera.

Qorannoo Hamad Mahaammad fi kiyya gidduu garaagarummaafi wal fakknyi nijira. Qorannaa keenya wanti tokko taasisu, nu lachuu qabxiiwwan bu'uuraa fayyadama afaanii irratti ka'uu danda'an kaasuu yoo ta'u, garuu qorannaan kiyyaa waa'ee ogbarruufi mala dhiyeessa ogbarruu kan hin kaafne ta'uun adda isa godha.

Qorannoon inni lammataa kan fayyadama afaanii irratti geggeeffame **Oliyaad Beenyaa (2011) ''Xiinxala Fayyadama Afaanii Asoosama Godaannisa''** kan jedhu ture.Qorataan kun asoosamoota filate keessatti malleen filannoo jechootaafi rakkoolee jiran akkasumas, haala

caaseffama himootaaafi rakkinoota mul’atan irratti xiyyeeffachuun qorannoo bal’aa geggeesseera. Qorannichis boqonnaa shank an ofkeessa qabuudha. Boqonnaa duraa keessatti akka seensaatti ulaagaa qorannoo tokkoo kan guutan qabxiileen ka’anii jiru. Boqonnaa lama keessatti maalummaan fayyadama afaaniifi caasaa bal’inaan ka’amaniiru. Boqonnaa sadi keessatti immoo filannoon jechootaa, rakkinaaleen gama fayyadama jechootaan mul’atan, haalli fayyadama sodoomii, hammi himaafi qindoominni isaanii fakkeenya asoosamicha keessaa fudhatamaniin deggeramuun ibsamaniiru. Boqonnaa afur keessatti malleen asoosamni ittiin seeneffamu bal’inaan ka’amaniiru.boqonnaa dhumaa keessatti qabxiilee gudunfaan goolabeera. Qorannicha dhiyaate keessatti qoratichi qabxiilee gama fayyadama afaanitiin ka’an hedduu kaaseera. Ciminaafi hir’ina jiru illee hanga danda’amu ibseera.

Qorannoon keenya lamaan wal fakkaatanillee, iddoon itti gargar ba’anis nijiru.qorannoon Oliyaad akkaataa mala seenessuu asoosamaa kaasuun qorannoo kiyyaa irraa adda isa taasisa.

Qorannoon inni dhumaa fayyadama afaanii irratti hojetame kan qorataa **Guutuu Mootummaa (2010): ‘’Xiinxala Fayyadama Afaanii asoosama Kabir Waadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo’’** kan jedhuudha. Qorannoo kana keessatti seensi qorqnnichaa boqonnaa tokkotti ibsameera. Boqonnaa lama keessatti immoo maalummaa fayyadama afaanii, barbaachisummaa itti fayyadama afaaniifi tajaajila himoota dheeroofi gabaaboo ibsa bal’aa waliin kaa’eera. Boqonnaa sadii keessatti fayyadama xiinsagaa, xiimdhamsagaafi fayyadama xiinjechaa ibseera. Akkasumas, haala fayyadama caaseffama himaa ibsuuf yaaleera. Boqonnaa afur keessatti immoo cuunfaafi yaada furmaataan goolabeera. Qorannoon kunis ciminaafi hanqina asoosamicha keessatti mul’atan hanga ibsamuu malu ibseera jechuun ni danda’ama.

Qorannoon Guutuufi kan koo harka irra caaluun walfakkaatanillee qabxiilee kaafaman tokko tokkoon garaagarummaa qabu. Fakeenyaaf, Guutuun qorannoo isaa keessatti fayyadama dubbii qolaafi afoolaa hin kaafne. Qorannoon isaas boqonnaa afur qofatti kan qoqoodameedha. Walumaaa galatti qorannoowwan kanaan dura gama fayyadama afaaniitiin geggeeffaman asoosamoota garaagaraa giddu galeessa godhachuudhaani.isaanis ciminaafi hir’ina asoosamootaa keessatti mul’atu xiinxaluu irratti kan fuulleffataniidha.

# BOQONAA SADII: MALA QORANNOO

## 3.1. Saxaxa Qorannoo

Qorannoon kun fayyadama afaanii kitaabicha keessatti argaman addaan baasuufi qabiiyyee fayyadama afaanii ibsuu irratti kan bu'uureffateedha. Saxaxni qorannoo qorannicha kan haalan ibsuudha.yaada kana ka deggeru,Addunyaa (2011:63) yeroo ibsu, '' Saxaxni orannichaa waliigala qorqnnichaa to'ata.kunis qorannichi maal fakkaata,maal irratti bu'uure,gaaffiwwan jedhan irratti saxaxakan jalatti deebii qabachuu qabu.'' Jechuun ibsa.haala ibsa kanaa irratti hundaahuun saxaxa qorannichaa murteessuuf, qorannichi fayyadama afaanii asoosama 'Abdii Haadhaa'keessatti argaman maalfaa akka taheefi qabiiyyewwan fayyadama afaanii xiinxaluuf waan ta'eef, saxaxni qorannichaa addeessaadha.

Haaluma kanaan qorannoon kun  akakuu fayyadama afaanii kitaabicha keessatti argaman kanneen akk jechootaa,himootaa,malleen dubbii,mammaaksaa qaaccessuudha..kanaafuu qorannoon kun qorannoo ujoo (Applied Research) jalatti ramadama.

Haalli qorqnnichi itti dhiyaate qabxiilee garaagaraa asoosamicha keessa jiran ibsuudhaan waan ta'eef qorannoo ibsituu (Descriptive Research) jalatti hammatama. Akkaataa ragaaleen itti funaanamaniifi ittiin secca'amaniin immoo  yaada qabatamaafi amansiisaa irratti waan bu'uureffateef, qorannoo akkamtaa ta'a.

## 3.2. Iraawwatama

Irraawwatimni qorannookana kitaaba asoosama afaan oromoo yeroo dhiyoo as bahe,kan Sisay Reta bara 2012 mata duree 'Abdii Haadhaa'jedhu  irrattixiyyeeffate. Akkasumas, dhimmoota gama fayyadama afaaniin qoocceffamuu danda'an asoosama bu'uura godhachuun kan irratti raawwatameedha.

## 3.3. Mala Iddatteessuu

Qorannoo kana keessatti iddatteessuun tooftaa iddatteessuu miticarraan kan gaaggeeffameedha.

Odeeffannoowwan akka ragaatti asoosama' Abdii Haadhaa' jedhu kana keessaa fudhataman carraadhaan osoo hin taane, kaayyoo qoranichaa waliin kan deemaniifi amma argamuu danda'anirratti hundaa'udhaani.

Ragaaleen asoosamicha keessaa bifa gabateefi fakkeenyaatiin fudhatamuun agarsiifaman gariin isaanii dhimma bakka bu'an sana caalmaatti ibsuu danda'uun isaanii ilaalameeti.akkasuma, kaayyoo qabxii kaafamee tokko haalaan ibsuu danda'uun isaanii ilaalamuun kan filatamaniidha.

Tooftaan iddatteessuu amma argees qorannoo kana keessatti tajaajileera. Kunis iddoowwan ragaaleen ga'aan dhimma tokkoof fakkeenya ta'uu danda'an hin jirretti ammuma argame fudhachuun kan geggeeffame waan ta'eefiidha.

### 3.4. Mala Funaans Odeeffannoo

Odeeffannoowwan qorannoo kana keessatti tajaajilan kan funaanaman mata duree 'Xiinxala fayyadama afaanii asoosama Abdii Haadhaa' jedhu, irratti bu'uureffachuun ragaalee adda'addaa asoosamicha keessaa walitti qabamuudhaani.

### 3.5. Mala Qaacceessa Odeeffannoo

Qorannoon kun guutummaa guutuutti odeeffannoowwan asoosamicha keessa jiran irratti hundaa'uun kan qaacceffameedha haalli odeeffannoowwan kun itti qaacceffamanis sagalee asoosamicha keessa jiran bifa fakkeenyaatiin xiinxaluun, raga dhimma ibsame tokko geggeru bifa waraabbitiin keessaa kutanii agarsiisuudhaan, fakkeenyawwan dhimma kaafame tokkoof raga quubsaa ta'aan baay'inaan bifa gabateedhaan kaa'udhaani. Adeemsa qaaccessa odeeffannoo kana keessatti qaaccessawwaniifi gabateewwan jalqabaa hanga xumuraatti duraa duubaan lakkoobsi itti kennamuun ka'amaniidha.

### 3.6. Qindoomina Qorannoo

Walumaa galatti, akaakuwwan odeeffannoowwan kana keessatti argaman boqonnaa shanitti hiruun kan qinda'aniidha. Bifuma kanaan boqonnaa tokko keessatti seensi qorannoo ibsameera. Boqonnaa lama keessatti immoo maalummaaan afaanii, fayidaama afaanii asoosama keessatti, fayyadama jechootaa, fayyadama himootaa,fayyadama malleen dubbii, mammaaksaafi sakkattaani barruu walfakkii bifa ragaan deggeramaniin ibsamaniiru. Boqonnaa sadi mata duree mala qorannoo jedhu jalatti saxaxni, irraawwatamni, malli iddatteessuu, malli funaansa odeeffannoofi qaaccessa odeeffannoo ilaalamaniiru.

Boqonnaa afur keessatti ibsi gabaabaan waa’ee asoosamichaa, haalli fayyadama kan barreessaa, afoolliwwan itti fayyadame (mamaaksi) ibsamaniiru. Mata duree guddaa haala itti fayyadama afaanii jedhu jalatti filannoon jechootaa, fayyadamni dubbii qolaa, himmoonni hammaafi akaakuu isaaniiirratti hundaa’uun ilaalamaniiru.Boqonnaa dhumaa keessatti immoo, cuunfaa, agannoofi  wabiiwwan ka’amaniiru.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAFI XIINXALA RAGAALEE

## 4. Seensa

Boqonnaa kana jalatti fayyadama afaanii kaneen akka jechoota faallaa, jechoota ergisaa,jechoota loogaa, jechoota hiika kallattii,alkallattii,akkasumas,fayyadama dubbii qolaa kan ta'an namoomsa, akkasaa, arbbeessuu,hammaafi akaakuu himaa akkaataa tajaajilaan, hima gabaabaa, dheeraa,hima gaaffii,raajjeffannoo,dabalataanis, dogoggora gama qubeessuutiin mui'ataniifi afoola asoosichi itti tajaajilame keessaa mammaaksa.

Qorannoo kana keessatti ragaaleen garaaagaraa asoosamicha keessaa kan funaanaman yoo ta'u, isaaniis bifa gabateefi qaaccessa gabateen ka'amuudhaan qabiiyyee isaanitiin ibsamaniiru. . Mata dureewwan qoranicha keessatti argaman hundi isaanii gabateen kan agarsiifaman ta'anii, gabateewwan kana keessaayis qabxiiwwan lamaa hanga sadii ta'aan fudhatamanii gabatecha jalattinqabiiyyee isaanitiin kan ibsamaniidha.

Dimshaashumatti gabateewwan garaagaraafi qaaccessawwan adda'addaa of keessatti hammachuun qoranicha keessatti qabiiyyee isaaniin ibsamaniiru..

### 4.1. Ibsaafi Qabiyyee Asoosamichaa

Asoosamni matadureen isaa 'Abdii Haadhaa' jedhu kun kan gosa barreeffama ogbarruu ykn alilee ta'ee, bifa yaaduumeen asoosaan kan kalaqameedha. Haata'umalee, asoosichi wayita kalaqu haala qabatamaafi dhugaa jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti mul'atu irratti hunda'eeti. Barreeffamni dame ogbarruu ta'e kunis bifa asoosama dheeraaan kan barreeffameedha.

Asoosamni 'Abdii Haadhaa' asoosaaa Sisay Reta jedhamuun kan barreeffameedha. Innis kan barreeffame bara 2012 yoo ta'u, kan maxxanfamee ta'ee, asuma magaalaa finfinneetti. Baayinni fuula isaa saddetamii lama,(82) dha. kitaabni kun qabiyyewwan garaagaraa kan akka siyaasaa, aadaa,,jaalala haadhaa, ,haala jireenyaa,hawaasummaa kan of keessatti qabu yoo ta'u,fuulleffannoon isaa inni guddaan garuu, baaay'inaan waa'ee jaalala dhiiraafi durba gidduu jiru kan kaasu ta'ee, iinnis jaalalli iddoofi yeroo isaa malee raawwatame dhiibbaa

guddaaa akka nama irraan ga'uufi jaalala keessatti waliif amanamuun akka barbaachisu cimsee hubachuudha.

### 4.2. Haala Fayyadama Afaanii kan Barreessaa

Ogbarruu barreeffama keessatti barreessaan haala fayyadama afaanii kan mataa isaatii gargaaramuu danda'a. Kana jechuunis barreessaan hojii kalaqa isaa keessatti afaaniin yennaa fayyadamu haala barreeffameen ala ba'uun ykn seerluga afaanii cabsuun kallattii isaa mijateen itti fayyadamuu danda'uu isaati.

Fakkeenyaaaf, hojiiwwan kalaqaa kanneena akka asoosamaa, walaloofi diraamaa keessatti barreessaan jechoota uumuun, ergifachuun, jechoota loogaatiifi afoolawwan adda'addaatti fayyadamuu danda'a. Akkasumas dubbiiwwan qolaan garaagaraan asoosama isaa miidhegsee dhiyeessuu danda'a. Haaluma kana kan agarsiisu; haala iiti fayyadama afaaniifi qabiyyewwan itti fayyadama afaanii kanneen akka;filannoo jechootaa,jechoota ergisaa,jecoota hiika kallatii,alkallatii, jechoota loogaa, malleen dubbii, dubbii qolaa, hammaafi akaakuu himaa tajaajilaan, hima gaaffii,hima dheeraa, hima gabaabaa,hima raajeffannoofi dogoggora gama qubeessuttiin mul'atan qaacceffamarniiru.haaluma kanaan qabxiileen itti aananii jiran jechoota asoosichhi itti fayyadameefi dubbiiwwan qolaa garaagaraa mul'atan kan agarsiisaniidha.

#### 4.2.1. Filannoo Jechootaafi Akaakuwwan Sodoomii Mul'atan

##### 4.2.1.1. Filannoo jechootaa

Fayyidaama afaanii keessatti filannoon jechootaa iddo guddaa qaba. Barreeffama tokko keessatti jechoota hiika qabeessa ta'aniin yoo fayyadamne, dhaamsa dabarsuu barbaanne guutummaa guutuutti nuuf dabarsuu danda'a. Haaluma kanaan asoosaanis asoosama keessatti jechoota bifa garaagaraaa filatee iitti fayyadama.

Barreessitoonni hojii kalaqaa barreeffama isaanii keessatti haala fayyadama afaanii idilee ta'e, eeganii deemuuf hin dirqamani. Kunis hojii kalaqaa waan ta'eef, asoosaan tokko yoo fedhe jechoota loogaan fayyadamuu mala, barbaanaanis jechoota uumeefi ergisaatti fayyadamuu nidanda'a. Kana malees asoosaan jechoota idilee yookiin waaltinaa qofaan fayyadamuu danda'a.

Qabxiiwwan itti aanan keessattis kallattii gosoota jechootaafi hiika jechootaanis, haalli fayyadama jechootaa asoosamicha keessatti maal akka fakkaatu ragaan deggeruun ilaalameera.

**A.Jechoota Faallaa**

Jechoonni faallaa walitti dhufeenya jechoota akkaataa hima keessatti galuun ergaa ykn dhaamsa barbaadame dabarsuu danda'een kan dhiyaateedha. Haaluma kanaan jechoota faallaa kanatti gargaaramuun akkaataa isaan dhaamsa dabarsan irratti hundaa'uun armaan gaditti himoota keessatti akkaataa fuula kitaaba asoosamichaa keessatti argamaniin tartiiba ittiin dhiyaatan eeruun gabatee keessa erga ka'amanii booda ,akka fakkeenyatti keessa fudhachuun xiinxalamaniiru.

**Gabatee 1: Jechoota Faallaa**

| **lakk** | **Jechoota faallaa** | **fuula** | **keeyyata** |
|---|---|---|---|
| 1 | Ijaaruurra diiguun kan itti salphatu meeqatu jira. | 2 | 1 |
| 2 | Ifti dukkanaaf, biiftuuna addeessaaf ho'i qorraaf,waariin waareef, darabee walii kennu. | 3 | 2 |
| 3 | Gaddaafi gammachuu namaa fuula namairraa dubbisti. | 22 | 1 |
| 4 | Oromoon booranaa shawwaa kaabaafi kibba. | 52 | 2 |
| 5 | Gaddaafi gammachuun, jibbiifi jaalalli,mo'uufi mo'amuun, jireenya koo keessatti darabeen harka wal fuudhanii jiru. | | |

**2...'ifti dukkanaaf,biiftuun addeessaaf,ho'i qorraaf,waariin waareef darabee walii kennu'.(**fuula,3 key2) jechoonni **'ifaafi dukkana,ho'aafi qorra'** kan jedhan jechoota faallaa waliiti**.**kitaabicha keessatti qooddataa Kennaan waa'ee maalii irratti barreessuu akka qabu itti yaaduun of murteessuu dadhabee yaada isaan of dhabe.as keessatti walii galteen dhala namaa gidduutti akka yaratee jiru ibsuuf mala dubbii kanatti tajaajilame.

Gama siyaasaan yoo ilaalle ammo,uumamni hundinuu darabee isaa eegee ifti dukkanaaf, ho'i qorraaf,wal muffannaa malee iddoo waliif kenna. Nutty dhalli namaa garuu utuu yaaduu dandeenyuu aangoo irra buunee isa uummataaf bu'aa buusuu danda'uuf bakka kennuura ,beekaa biyyaaf bu'aa buusu ajjeefnee aangoorra turuu barbaanna.kun immoo, nutty dhalli namaa osoo yaaduu dandeenyuu hojjennee jijjiiramuu, morminee mo'achuu,darbannee waraanuu,jaallannee jibbuu,maaliif uumama lubbuu hin qabne irra akka hanqanne kan nama hubachiisuudha.

3...’**Gaddaafi gammachuu namaa fuula namaa irraa dubbisti’**.(fuula,22 key 1) as keessatti jechoonni ‘**gaddaafi gammacuu’** jedhan faallaa waliiti.kunis waanta hamaafi gaarii ta’e hubachiisuuf barreessichi kan itti gargaarameedha.kitaabicha keessatti amala qooddattuu Rooman qabdu kan namaa irraa addatti gaddaafi gammachuu namaa dursitee fuula namaa irraa kan beektu akkasumas,namaaf kan dhimmitu ta’uu ishee hubachiisuuf jechoota faallaa kanatti fayyadame.

Gama hawaasummaan yoo ilaallu yeroo ammaa waliin jireenya keessatti ollaafi olla gidduttis ta’e,obboleewwan gidduutti tokkummaan hin jiru.lamaanuu gaddameessa tokko keessaa ba’anii akka ilmoo bineensaa wal baqatu.lagaafi amantiin, daangaa siyaasaatiin wal qoqqooduu malee,yeroo sabni waliin mari’atee rakkoo hawaasummaas ta’u, rakoo biraa isa mudateefi keessa jiru furuuf yemmuunni wal gaafatu hin jiru.kun immoo,rakkoo hawaasumma gidduu jiruudha.

**B.Jechoota Ergisaaa**

Jecha egisaa jechuun jecha afaan maddaa keessa hin jirre afaan biroorra itti dabaluu jechuudha. Afaan tokko sababa adda’addaaf jecha ergifachuu danda’a. Isaanis:- jecha yaada ykn dhimma tokko ibsu afaanicha keessaa yoo dhaban dhimma dabarsuun barbaadame tokko dabarsuuf barbaachisaa ta’ee yoo argame, dhimma xiyyeeffannoo barbaadu agarsiisuufi jabana darbe tokko dabarsanii yaaduuf ykn yaachisuuf jechoota ergisaan fayyadamuun nidanda’ama. Darajjee (1996:8) jechoota ergisaa akka itti aanutti ibsa.

> dhimma Jechoonni ergisaa jechoota namoonni barreeffama isaanii keessattiifi baay’inaan immoo dubbii isaanii keessatti afaan dhaloota isaaniin ala ba’uun ergifatanii itti ba’uudha. Barreeffama keessatti yeroo baay’ee jechoota afaan adda’addaa keessaa walitti fiduun yaada ofii ibsachuuf yaaluun gaaarii mitti. Jechoota ergisaa dubbisaan ykn dhaggeeffataan akka yaada tokko sirriitti hubatamuuf yoo ta’een ala callisanii itti fayyadamuun hin barbaachisuudha**.**

Akkuma ibsa armaan oliirraa hubatamutti yoo dirqama ta’een alatti jechoota ergiffacuun miidhama malee bu’aa hin qabu. Kunis jijiirama afaan tokkoo kan geesisuudha. Asoosama kana keessattis jechoonni ergisaa jiran bifa gabateen armaan gaditti ka’amaniiru.

**Gabatee 2: Jecoota Ergisaafi Hiika Isaanii**

| **lakk** | **Jecha ergisaa** | **Afaan irra ergifame** | **Hiika jechichaa** | **fuula** | **keey** |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | universitii | Afaan ingilizii | | 32 | 1 |
| 2 | Piriparatoorii | Afaan ingilizii | Qopaa’ina | 35 | 1 |
| 3 | faashinii | Afan ingilizii | Kan ammayyaa | 42 | 1 |
| 4 | Addisii | Afaan amaaraa | haaraa | 42 | 1 |
| 5 | Tiara fikii | Afaan ingiolizii | To’ataa daandii | 42 | 2 |
| 6 | Dormiterii | Afaan ingilizii | Kutaa bulmaata | 43 | 2 |
| 7 | wuraduu | Afaan amaaraa | Bu’aa | 39 | 1 |
| 8 | Biraavo | Afaan amaaraa | gaariidha | 53 | 4 |
| 9 | Hospitaala | Afaan ingilizii | Mana yaala guddaa | 54 | 2 |

**2..firiin isaa yeroo dhufus 'piriparaatoorii' nabarsiisu danda'u argadhee achuma magaalaa urutaatti barumsa koo itti fufe**. (fuula35, key 1)as keessatti jechi piriparaatoorii jedhu kun afaan ingilizii irraa kan fudhatame yoo tahu,hiikni isaa qophaa'ina jechuudha. afaan ingilizii kana dubbattoonni afaan oromoo akka itti dhimma bahaaniif sababa ta'u keessaa inni guddaan fayidaadha.kana jechuun afaan ofiin barachuuf,hojjechuun hawwii nama hundaa ta'ee utuu jiruu,afaan biraatti kan dhimma ba'uuf bu'aa afaan ittiin fayyadaman sun dubbattoota sanaaf kennu kan bu'uurreffatu yoo ta'u,dubbattoonni afaan ingilizii baay'een isaanii bu'aadhuma kanaafidha.

6.keessummeessittoonni meeshaakoo narraa fuudhanii kutaa doormiterii nageessan (fuula 43,key 1) Jechi **doormiiteri** jedhu jecha ergiffatameedha. Innis jecha afaan ingiliziirraa fudhatame. Asoosichis jechichaaf xiyyeeffannoo kennuu barbaadeeti ta’a malee, afaan oromoo keessa jechi dhimma kana ibsu hin jiru. Jecha kana kutaa bulmaataa jechuun kaa’uun nidanda’ama ture.

afaan tokko afaan biraa irraa jechoota ergifachuun ammatummaa afaanii ta'ee,kan ergifatamanis,sababaafi qabiiyyee mataa isaanii qabu. haaluma kanaan jechi dormiirerii jedhu kun dhiibbaa siyaasaa gara afaan oromootti kan dhufeedha. kunis yeroo dheeraaf afaan oromoo

irra dhiibbaan afaan Amaaraa akka ol'aantummaatti ilaalamaa ture.jechi kun akka afaan kana keessatti dhufu taasiseera.

**C. Jecha Loogaa**

Jechootni loogaa jechootuma hiika tokko qaban ta’anii iddoo garaagaraatti maqaa adda’addaan kan beekamaniidha’ jechoonni kun sababa bal’ina teessuma lafaafi baay’ina uummata biyyi tokko qabdu irraa ka’uudhaan; afaanuma tokko keessatti kallattii garaagaraan hiikamuu ykn tajaajilamuu danda’u. Fakkeenyaaf, afaan oromoo kutaalee oromiyaa bal’aa keessatti dubbatamu kana keessatti jechi godiina tokko keessatti maqaa tokkoon beekamu, godiina biraa keessatti maqaa biraan beekamuu danda’a.

Jechoonni loogaa baay’inaan afaan tokko keessatti jajaajjiluu dhiisuu danda’u. Jechoonni kun baay’inaan iddoo muraasaafi namoota murtaa’e biratti kan tajaajilaniidha. Walitti dhufeenyi jechoota kanaa jecha waaltawaa ykn looga waaltawaa uuma. Asoosama kana keessatti jechoonni akaakuu kanaa kan argaman yoo ta’u, isaanis akka itti aananitti gabateen kan agrsiifaman ta’u.

**Gabatee 3: Jechoota Loogaa**

| **lak** | **jechalooga** | **Sadarka sagalee** | **Sadarka jechaa** | **Looga kessa fudhatamre** | **Jecha waal tawaa** | **fuula** | **Keeyyta** |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Tana | - | | boorana | kana | 18 | 1 |
| 2 | Cinquu | | | wallagga | rakisuu | 19 | 1 |
| 3 | Cina | | | arsii | bira | 19 | 1 |
| 4 | Namaddii | | | shawwaa | nabira | 31 | 2 |
| 5 | suphamaadha | | | tuulama | binxamaadha | 41 | 1 |
| 6 | Cufa | | | boorana | Mara,hunda | 47 | 2 |
| 7 | Godoo | | - | tuulama | mana | 48 | 1 |
| 7 | Tusha | | | arsii | Fo’aa,funyoo, gamada | 71 | 1 |

**Qaaccessa Gabatee 2**

2.Jechi ‘**cinquu**’ jedhu [fuula 19 fi keeyyata 1 ] jecha loogaati jechi kun baay’inaan akka jecha waaltawaatti hin tajaajilu. Jechichis irra caalaatti godiina wallaggaatti kan beekamuudha. Jecha waaltawaan bakka kanaa bu’u jecha ‘ rakkisuu ‘ jechuudha. Jechoota loogaati gargaaramuun akkuma fayidaas qabu miidhaas qab.fkn jechoota haawaasa naannoo biraa jiraatu keessatti looga ta’uu malu, hawaasa bakka biraa jiraatu cinatti ammo,safuu ta’uu mala. Gama fayidaan yoo ilaallu ammo,uummanni oromoo bakka bal’aafi saba bal’aa waan qabuuf,looga sabichi hubachuu danda’uun yoo bareeffame sirriitti ergaa isaa hubachuun itti tajaajilamuu kan danda’uudha.

4...echi ‘**cina’** jedhu [fuula 47 fi keeyyata 2] jecha loogaati. Jechi waaltawaan bakka jecha kanaa bu’u **‘bira’** kan jedhuudha. Cina kan jedhu baay’inaan looga Arsii keesstti dubbatama.haata’u malee barreessichi ergaa dabarsuu barbaade caalatti kan dabarsuu danda’uudha jechuun itti gargaaramuu mala.garuu ogbarruu hojii kalaqaa keessatti ergaa dabarsuu qabnu hawaasa baratee dubbissuu danda’u biraan ga’uuf jechoota filatamoofi waaltawaa ta’etti gargaaramuun filatamaadha.

**D. Jechoota Hiika Kallattii**

Asoosaan asoosama isaa keessatti jechoota kallattii adda’addaan hiikamanitti fayyadamuu danda’a. Jecha tokko kallattiin kiikuun nidanda’ama. Akkasumas, jechi tokko akkuma amala isaatti hiika dubbii ykn dacha hiika galumsaafi hiika galmee jechaa qabachuu mala. Haaluma kanaan jecha hiika kallattii yoo jennu, hiika jechi tokko qabu kan namni hundi itti walii gale jechuudha. Hiiki akkanaa fayidaa ykn amala jechi qabu irratti hundaa’ee kan kennamuudha.

Asoosama kana keessattis jechoonni kun kan argaman yoo ta’an, isaanis gabateen ka’amaniiru

**Gabatee 4: Jechootafi Hiika Kallatti Isaanii**

| lakk | Jecha kenname | Hiika kallatti inni qabu | fuula | Keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Funyaan | Qaama miiraa | 4 | 2 |
| 2 | Irriba | Of dagachuu | 9 | 1 |
| 3 | Sirba | Muuziqaa | 33 | 4 |
| 4 | qabeenya | Maallaqa | 40 | 1 |
| 5 | Rakkataa | Hiyyeessa,deegaa | 43 | 2 |
| 6 | Jalqabe | Eegal | 43 | 1 |

1..**waa'een 'funyaan' kootti hin dubbatamu** [fuula10,fikeeyyat**a** 2] as keessatti jechi funyaan jedhuuf hiikni kallattii qaama miiraa kan waa suufuuf tajaajilu akkasumas,karaa afuurri ittii ba;uufi seenu jechuudha. Hiikni jecha kanaa akka qabiiyyee asoosamichaan yoo ilaallu,haala funyaan isaa kan nama biraan wanti madaalu funyaan isaa xiqqaa akka ta'e ibsuuf kan itti gargaarameedha.akkasumas, ulaagaa bareedina qaamaa miiraa funaaniifi kennu ykn ittiin ilaallu keessaa xiqqachuun funyaan isaa hanqina barreedina isaa akka ta'ef, oftuffii isaa ibsuuf kan dhimma itti ba'eedha.

4...'**qabeenya' Oromoo bade kana kan deebisu danda'u warra akka keessan barate qofa.(**fuula40,keeyyata 1)kan jedhu hiikni kallatii isaa maallaqa kan jedhu yoo ta'u,kitaabicha keessattis yoo ilaalle, qabeenya oromoo akkasumas,aadaa,safuu,isaa dhiibbaa mootummaa abbaa irreetiin akka sarbamaa tureefi jiru oromoon beekee mirga isaa falmachuu akka qabu ibsuuf kan itti tajaajilameedha.

Gama dinagdeen yoo ilaallu ammoo,uummanni oromoo dinagdeen gadi bu'aa akka jiruufi lafti isaallee saamamaa kan jiru,akkasumas, mirggi abbaa biyyummaa sarbamee haala rakkisaa keessa jiraachuu isaati.kunis dhiibbaan jiraachuu isaatu hubatama.keessattuu finfinneen magaalaa wal quunnamsiiftuu investerootaa alaafi keessaa jedhamtu keessaa abbaa biyyummaa oromoon keessatti dhalatee guddate keessaa dhiibbaa dinagdeefi hacuuccaa mirga lammummaa akka dagaaggu ta'uu isaati.kun immoo,dhiibbaa dinagdee fida.

Walumaa galatti, jechoonni hiika kallattii jechoota bu’uraa waliin wal fakkaatu.jechoonni kun himoota garaagaraa keessa yoo galan yaaduma tokko cimsu malee, hiikni isaanii guutummaa guutuutti hin jijjiiramu.

**E.Jechoota Hiika Alkallattii**

Hiikni alkallattii hiika jechoonni himoota garaagaraa keessa galuun qabaataniidha. Akkasitti himni ykn jechi tokko qofti bifa hedduun ibsamuu danda’a. Jechi tokko alkallattiin yoo hiika laannuuf akkaataa iddoo inni galee sana irratti hundoofnee kennuu qabna.

Asoosaan tokko hojii kalaqa isaa keessatti jechoota bifa kanaan fayyadamuu nidanda’a. Kunis jechoota muraasaan hiika hedduu kennuuf isa gargaara. Jechoonni kunis asoosamicha keessaa funaanamuun akka itti aanutti gabateen tarreeffamaniiru.

**Gabatee 5: Jechootaafi Hiika Alkallatti Isaanii**

| lakk | Jecha kenname | Hiika kallatti inni qabu | fuula | Keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| 1 | booda | Faana,waliin | 16 | 1 |
| 2 | Gurra | Maqaa,beekamtii | 23 | 1 |
| 3 | Fira | Dhiiga, sanyii tokko | 54 | 2 |
| 4 | Abjuu | Soba,soba,dhara,kijiba | 66 | 2 |

1...kanaan '**booda**' humnan magaalaatti baradhuun hin qabu.(fuula16,keeyyata1) booda kan jedhu hiika alkallatii inni qabuun yoo ilaallumu kan wal hin fakkaanne waan ta'eef jechoota hiika alkallatii warra qaban jalatti ramadama.hiikni alkallattii isaas,faana,waliinkan jedhamaniiidha. askeessatti qoodataa Kennaa jedhamu sababa hiyyummatiif humnaan ittiin magaalatti baradhu hin qabu, hin baradhu taanaan ammoo,beekumsa dabalataas argachuu hin danda'u,jechuun abdii kutannaafi gaddaan jireenyi isaa machaa'e.

Yaada kana irraa waanti hubanu namoonni hedduun sababa hiyyummaa irraan kanka'e beekumsaafi mul'ata guddaa utuu qabanii gargaarsa waan hin qabneef, jireenyi isaanii maraattummaadhaaf akka saaxilamaa jiruudha.akkasumas, gama hawaasumman namni hiyyeessaa isa bira jiru ilaaluu dadhabuun beekaa biyyaaf bu'aa buusu meeqa dhabaa akka jiru beeku qaba**.**

4..Jechi ‘**abjuu** ‘ jedhu [fuula 66 fi keeyyata 2] jecha alkallattiin hiikamuudha. Jechi kun qophaa isaa yoo dhaabbatu, ‘soba’ waanta dhugaa hin taane tokko jedhamee hiikamuu danda’a.Garuu akka hima keessa galetti hiiki isaa ni jijjiirama. Kunis:-... abjuun atti abjoottu maaliidha?... harmee koo namni lama wal harkatti qabanii rakkisu,.. anis harmee,harmee, jedhee utuun boo’u abjuudhaan harmeeko fudhatanii sokkan. Akka hiika kanaatti dhugaa kan hin taane ‘ soba ‘ kan jedhutti hiikama.askeessati qooddata kenaa jedhamu haadha isaa yaaduudhaan utuu barumsarra jiruu abjuu haadha isaatti abjuute yaadatee yeroo boo'u,hiriyoonni isaas rakko isaa gaafatanii akka jajabeessan ibsuuf barreessichi kan itti gargaarameedha. as keessatti waanti hubannu waliin jireenya keessatti namni gaddaafi gammaachuu, waliin hirmachuun jaalala waliif qabu caalaatti gabbissuu akka qabu kan ibsuudha.

### 4. 2.1.2.Fayyadama Dubbii Qolaa (sodoomii)

Dubbiin qolaa kun baay’naan asoosama keessatti haa mul’atuyyuu malee hojiiwwan kalaqaa kanneen akka walaloo,diraamaafi afoolawwan garaagaraa keessattis nimu’atu. Dubbiin qolaa kun hojiin kalaqaa tokko fedhiifi miira namaa akka harkisuuf kan gargaaraniidha. Melakkneh’n (1999:119) dubbii qolaa akka itti aanutti ibsa.

> Figures of speech are froms of expression weuse in both oral and written communications.they are used to clarify meaning, to stimulate emotions and associations, to give life to in animate objects, and to muse or ornament. Most importantly, they have an essential aesthetic purpose of widening and deepening the range of our perceptions and responses tothe world of objects and ideas.

Akkuma ibsa kanarraa hubannutti, dubbiin qolaa mala yaada tokko ittiin ibsatan ta’ee,dubbiifi barreeffama keessatti kan ittiin tajaajjiluudha. Isaanis ergaa dhimma tokkoo caalmaatti ifa taasisuuf, fedhii waa dubbisuu namootaa kakaasuufi miidhagina barreeffama tokkoo dabaluuf kan gargaaraniidha.kanamalees, dubbiiwwan qolaa waantaoota lamaafi sanaa ol walbira qabanii amala isaanii, bifa isaanii, gocha isaaniifi kkf waliin dogomsiisuuf gahee guddaa taphatu.Qabxiwwan itti aananii jiran keessattis dubbiiwwan qolaa akka itti aanutti duraa duuban ilalamaniiru.

**A.namoomsa**

Namoomsi akaakuu dubbii qolaa ta'ee, amaloota, gochaafi dandeettii dhalli namaa qabu waantoota namaan ala ta'aniif kennuun kan agarsiisaniidha. Dubbii qolaa kana keessatti waantoonni nama hin taane akka namaatti yennaa dubbatan, kolfan, boo'an, taphatan nyaatan ni mul'atu. Yaaduma kana kan cimsu Isuma (1999:126) namoomsa yoo ibsu, ''personificion isa figure that endows objects or animas with humans attributes, character or sensibility'' jedha.

Asoosama kana keessas dubbiwwan qolaa namoomsa jedhaman bifa gabateen ka'amaniiru.

**Gabatee 6: Dubbii Qolaa 'Namoomsaafi Dhimma Namoomfame**

| lakk | namoomsa | Dhimma bakka nama bu'e | fuula | keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| **1** | Teessoon ishee yeroo deemtu bitaafi mirgatti mandas mandas jechuun, misiraachoo himaa deema. | teessoo | 22 | 2 |
| **2** | Guntuti ishee ija namatti baasa. | Guntuta | 29 | 2 |
| **3** | Gamoon abbabechi harka bal'isee baga nagaan dhuftan nuun jedhe. | gamoo | 42 | 1 |
| **4** | Yaaqalame yaagugee kaatee bakkeetti hingaltuu. | Qalameefi gugee | 54 | 1 |
| **5** | Dhiphuun dirree sirbaa nagodhatanii shaggooyyee natti sirbu. | dhiphuu | 55 | 2 |

1...."**Teessoon ishee akka waan amni ajajee takka gara mirgaatti takka imoo gara bitaataatti mandas mandas jechaa deemsa ishee misiraachoo hima**."(fuula 22, fi key 2)

Malleen dubbii armaan olii keessatti qooddatuu Roomaan miidhagina ishee ibsuu barbaadeekan itti fayyadameedha.innis waa'ee teessopo ishee yeroo ibsu akka waan inni akka namaatti dubbachuu danda'uutti kan ibseedha.akkuma kana jireenya hawaasummaa keessatti dhalli namaa

akkuma walitti dhufuun walii galee waantoota garaagaraa raawwatu miidhaginnis jireenya hawaasummaa keessatti barbaachisaa akka ta'e kan ifoomsuudha.

**6..Har'a garuu,mo'amuu,gadduu,dhabuu,'dhiphuun' dirree taphaa nagodhatanii shaggooyyee narratti taphatu**.(fuula55,key2) dubbii qolaa kana irraa kan nutti hubannu haala rakkoo dinagdee irraan kan ka'e, qooddataan kennaa jedhamu bakka yaada isaa ga'uu dadhabuu isaa ibsuuf dhimma itti ba'e. haalumaa kana irraan kan ka'e jaalallee isaa baay'ee jaallatu siifan waliin wal arguu hin dandeenye.

**B .Akkasaa**

Akkasaanis dubbii qolaa ta'ee waantoota uumamaan gargar ta'aan lama yaadaan, amalaan, gabaabinaan, dheerinaafi kkf wal bira qabee kan agarsiisuudha. Akkasumas, akaakuun dubbi qolaa kun dinqisiiffachuuf, cimina waan tokkoo agarsiisuuf kan tajaajiluudha.

Dubbiin qolaa kunis raga asoosamicha keessaa fudhatameen gabatee keessatti agarsiifamaniiru.

**Gabatee 7: Dubbii Qolaa Akkasaafi Dhimmoota Waliin Dorgomsiifaman**

| lakk | akkasaa | Dhimmoota waliin dorgomsiifaman | fuula | Keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Ilkaan ishee addeenyi isaa cabbie arfaasaa waliin bu'e fakkaata. | Ilkaaniifi cabbii | 22 | 2 |
| 2 | Rifeensi ishee akka muujja balbalaa jigee dudda isheerra ciisa. | Rifeensaafi muujjaa | 22 | 1 |
| 3 | Fuulli koo akka waaqa gannaa golgola'a. | Fuulaafi waaqa | 27 | 2 |
| 4 | Iji ishee gurguddaa akka ija boqqollooti | Ijaafi boqqolloo | 45 | 3 |
| 5 | Akka midhaaniin sibeela'a,akka bishaaniin sidheebodha. | Midhaaniifi bishaan | 58 | 1 |

1... "**ilkaan ishee addeenyi isaa cabbie arfaasaa waliin bu’e fakkaata**." [fuula 22 fi keeyyata 2 ] Askeessatti waan lama wal bira qabee dorgomsiisuu isaa argina. innis, ilkaaniifi cabbiidha. ilkaanni; kan waa cacabsuuf,kutuuf,gargaaru yoo ta'u,cabbiin ammoo,samii keessaa bokkaa waliin kan harca'u ta'ee, yeroo muraasa booda jajjaboorraa gara dhangala'ootti kan jijjiiramudha.kitaabicha keessaatti miidhagina qooddattuu Roomaan ibsuuf, ilkaan ishee akka nama hwwatuufi addeenyi isaa cabbii rooba arfaasaa waliin bu’e fakkaata jechuun kan ibseedha.yaanni barreeffamicharraa hubatamu namni kan ittiin dhangi'ame amalaan,bifaan,akkasummas, gama hawaasummaan gaddaafi gammachuu waliin qooddachuun jaalala waliif qabu ibsuuf waantoota garaagaraan wal bira qabee leellisa.

**5...Akka midhaaniin sibeela'a, akka bishaaniin sidheebodha**.(Fuula 58,key 1)

mala dubbii armaan olii keessatti qooddatuu Siifan jedhamtu jaalallee ishee kennadhaaf xalayaa jaalalaa barreessudhaan jaalala isaaf qabdu yeroo ibsutu, akka midhaaniin sibeela'e,akka bishaaniin sidheebodhe,jechuun jaalala isaaf qabdu mala dubbii kanatti gargaaramuun ibsiti.yaada kanarra waanti hubannu dhalli namaa bishaaniifi midhaan malee jiraachuu akka hin dandeenye, wal malees jiraachuun akka hin danda'amne kan ibsuudha.

**C . Arbeessuu**

Arbeessuun dhimma tokko karaa dhugaa irratti hundaa’een garmalee maqaa olguddisaniifi haasa’uu jechuudha.kunis waan tokko garmalee jaallachuu ykn dinqisiiffachuu irraa kan madduudha. Mala arbeessuutiin asoosaan miidhagina nama tokkoo, dheerina, bifa, amalaafi kkf dinqisiiffachuu danda’a.

Dabalataanis, Isuma (1999:123) Arbeessuu yoo ibsu, ’’A hyperbole is a deliberate exaggeration of fact on the part of an author in order to emphasise a point’’ jedha. Kun kan nu hubachiisu dhugaa jiru tokko irra dhaabbatanii dhimma tokko garmalee dinqisiifachuu jechuudha. Gabateen armaan gadiis dubbima kana kan agarsiisuudha.

**Gabatee 8: Dubbii Qolaa Arbeessuufi Dhimma Arbeeffame**

| lakk | Arbeessuu | Dhimma arbeeffame | fuula | Keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| **1** | Ilkaan koo xixiqqoo akka ilkaan antuutaati | Ilkaan | 10 | 1 |
| **2** | Baaburri dirre dawwaa hin deemu in holola. | baabura | 33 | 1 |
| **3** | mudhiin ishee taakku tokko hin caalu. | mudhii | 46 | 1 |
| **4** | Rifeensi mataa ishee akka muujja balbalaa jigee dudda isheerra ciisa. | Rifeensa | 58 | 1 |
| 5 | Imimmaan koo akka galaana yaa’us, furmaata hin arganne. | imimman | 58 | 1 |

**3...''mudhiin ishee taakku tokko hin caalu.''(**fuula 46 fi key 1) mala dubbii kana keessatti mudhii qooddattuu Roomaan taakkuu tokkotti gadi xiqqeessuun kan ibseedha.haa ta'u malee, jecha kanatti tuffiidhaaf kan dhimma itti ba'ameedha malee dhugaa addunyaa kanarraatti mul'atuun namni mudhiin isaa taakkuu tokko ta'u hin jiru.

**5.. Imimmaan koo akka galaanaa yaa'us furmaata fiduu hin dandeenye**.(fuula 58,key 1) dubbiin qolaa kun imimmaaniifi galaana wal bira qabee kan dhi'eessuudha.jireenya hawaasummaaa keessatti jaalalliifi waliin jireenyi murteessaadha. haa ta'u malee, jaalalli akkuma fayidaa qabu yoo daangaa isaa beeknee itti fayyadamuu dadhabne miidhaaf kan nama saaxilu ta'uu isaa barsiisuuf mala dubbii kanatti kan gargaarameedha.

### 4.2.2. Hammaafi Akaakuu Himaa Haala Tajaajilaan

#### 4.2.2.1. Hamma Himaa

Hamma himaa jechuun akaakuu hima tokkoo hamma isaa irratti hudoofnee qo’achuu jechuudha.hamma isaanii irratti hundaa’uun himoota gagabaaboofi himoota dhedheeroo jennee ramaduu dandeenya.

**A. Hima Gabaabaa**

Himni gabaabaan akkuma maqaaan isaa ibsu, hammaan ganbaabaa kan taheefi hima salphaa tokko qofaa irraa kan ijaaramuudha. Darajjee (1996:38) hima gabaabaa akka itti aanutti ibsa. ‘’himni gabaabaan hanga jecha tokkootti gadi bu’uu danda’uu kan danda’uufi hima qeenxee ibsitoota qeexee irraa ijaarame kan ofkeessa qabuudha.’’ Jedha.akkuma ibsa kana irraa hubannutti himni gabaabaan ibsitoota (wal qabsiistuwwan) qeenxee irraa kan ijaaramaniifi ergaa qeenxee qofaa kan dabarsaniidha.

Himni gabaabaaan hir’inni inni qabaatu hin jiru.akkuma hima kamiituu matima, gochimaafi xumura mataa isaa qaba. Gachi tokko qofti akka hima gabaabaatti fudhatamuu danda’a. Himni kun wal qabsiiftuu dabala yaadaa agarsiisanitti baay’inaan fayyadamu.kan fayyadamu taanaan gara hima dheeraatti jijjirama. Akkasumas, sirnoota tuqaalee kanneen akka qooduu, buufata xiqqaafi tuq lameetti yeroo hunda hin fayyadamu. Gabateen armaan gadiis akaakuu hima kanaa kan agarsiisuudha.

**Gabatee 9: Himoota Gabaaboo**

| lakk | Hima gabaabaa | fuula | Keeyyata |
|---|---|---|---|
| 1 | Dhaqeen dubbise. | 24 | 3 |
| 2 | Ni bareedas naan jette. | 25 | 2 |
| 3 | Oromummaa isaatti baay'ee boona. | 47 | 1 |
| 4 | Oromoon tokko. | 48 | 2 |
| 5 | Baga duute kan jedhus hin jiru. | 57 | 1 |
| 6 | Rakkadhu nagargaaru. | 81 | 2 |

3..."**Oromummaa isaaatti baay'ee boona''.** [fuula,47 fi keey1] ergaa qeenxeefi hima qeenxee qofa irraa waan ijaarameef hima gabaabaa ta’a. Himichi garuu gabaabaa ta’ullee ergaa hima tokko irraa barbaadamu ni dabarsa.as keessatti qooddataa Abdii jedhamunama aadaa, amantiifi afaan saba isaa guddisuuf kan dhimmuufi oromummaa isaatti kan boonudha.dabalataanis uummata oromoo biratti jaallatamaadha.

Gama hawaasummaa keessatti yoo ilaalle ammoo,yaada kanarraa waanti hubannu,namni waliin jireenya keessatti waliif yaaduu,wl danda'uu, wal gargaaruun dirqama lamummaati.garuu namoonni tayitaa irra jiran lammiif osoo hin taane garaaf warri bitaman, namoonni qabeenyaafi tayitaaf jedhanii dhiiga isaanillee dabarsanii dhangalaasuutu mul'ata.

6...**Oromoon tokko**.[fuula,81 fi keey 2] kan jedhu gosa hima gabaabaati. Himni kunis jechoota lama qofaa irraa kan ijaarame ta'ee, yaada qeenxee tokko qofaa kan dabarsuudha. Himichi wal qbsiistota dabala yaadaa agarsiisan kanneen akka garuu, ta'ullee, kana malees, akkasumasfi kkf waan hin fayyadamneef hima gabaaba jalatti ramadama.hima kana keessatti oronoon tokko kan jedhu, amantiifi siyaasa hordofan jijjirachuun ni danda'ama,garuu oromummaa jijjiracuun hin danda'amu.

gama siyaasaan yaa ilaalle,nutti garuu daangaan, amantiin, siyaasaan, lagaan, arsii, baalee, wallaggaa, shawaa, booranaa, gujii, gujii, ilu'abbaaboor, jechuun tokkummaan biyya keeenyaaf, loluurra walii keenyaaf gufuu taanee diinaaf daandii saaqna.

**B . Hima Dheeraa**

Himni dheeraan akkuma maqaa isaarra hubannu hammaan dheeraa kan ta'e jechuudha.kunis himoota xixiqqoo biroo irraa walitti dhufuun kan uumamuudha.Maalummaa hima dheeraa Isuma (1996:380) yoo ibsu, ''himni dheeraan akkuma maqaa isaa hima qeenxee tokko ol kan ofkeessa qabuufi ibsitoota garaagaraan kan walitti hidhamuudha.

Akkum a ibsicha irraa hubatamutti himnio dheeraan tuuta himoota qeenxee ykn himoota salphoo ta'ee,ergaa inni dabarsu bal'aa ykn dheeraa kan ta'eedha. Himni kun sirnoota tuqaalee himoota xixiqqoo walitti hidhan kanneen akka buufata xiqqaa, qoodduufi tuqlameetti fayyadama.Gosti hima kanaas gabatee armaan gadii keessatti argisiifamaniiru.

**Gabatee 10 : Himoota Dhedheeroo**

| **lakk** | **Hima dheeraa** | **fuula** | **keeyyata** |
|---|---|---|---|
| 1 | abbaa koo wallaaluun natuffachiise. | 34 | 1 |
| **2** | Dubbiseen dachaaaseen harmeekootti hiixadhe. | 38 | 2 |
| **3** | Qo'adhus waanti tokko sammuutti nabu'uu dide. | 65 | 1 |
| **4** | Jireenyi waa hundaa argachuun, dhabuun, mo'uun, mo'amuun, diiguun, ijaaruun | 75 | 2 |
| 5 | Garuu, kan nalaalee maaltu isa boochisa jedhu hin jiru. | 87 | 1 |

**1..."Abbaa koo wallaaluun natuffachiise."**(fuula,34 fi key 2) himni abbaa koo wallaaluun natuffachiise jedhu kun himoota gaggabaaboo 'abbaa koo' jedhuufi 'tuffii' kan jedhu irra walitti dhufee akka hima tokkootti dhaabbate.

Himni kun asoosamicha keessatti kan tajaajile,qooddattoonni Kenaafi Rooman jedhaman utuu wal jaallatanii, Rooman eenyummaa abbaa isaa gaafachuuf yennaa kannaa dirqisiiftu,kennaan abbaan isaa xinnummaatti dhiibbaa siyaasaa bara Dargii dirqisiifamee gara adda waraanaa waan demeef,Kennaan eenyummaa abbaa isaa wallaluu isaatiif himni kun tajaajila eenyummaa abbaa isaa wallaalluuf kan ooleedha.

**4..."dubbiseen, dachaasee, harmee rootti hiixadhe''.** [fuula, 75 fi key 2]kan jedhu, hima dheeraadha.himichis hima qeenxee (sasalphoo) tokkoo ol irraa kan ijaarameedha. Himni kun sirna tuqaa qoodduutti fayyadamuun yaada adda'addaa kan dabarsuudha. Innis himoota qeenxee garaagaraa irra kan ijaarameedha. himni kun asoosama kana keessatti tolaan qooddataa Tolaan,dirree waraanaa irraa haadha warraa isaafi ilma isaa Kennaafxalayyaa barreesse. Kennaan xalayyaa isaa kana dubbisee, dachaasee, harmee isaatti kan hiixate kana keessatti himni dheeraan kun itti tajaajilame.as keessatti himni kun kan agarsiisuu riffannaa inni xalayyaa kana dubbisuu isaa irraa isa qaqabeedha.dabalataanis,yaadni inni xalayicha irraa hubate miira gaddaa kan agarsiisuudha.

Walumaa galatti hojiiwwan kalaqaa nama bashanansiisaa,nama barsiisa keessatti hima gabaabaa callaa ykn hima dheeraa callaa qofaan fayyadamuun barbaachisaa miti. Haga danda'ameen

himoota gagabaabaa baay'isuun ykn hima giddu galeessaan fayyadamuun egaa asoosama tokkoo ifa taasisuun ni filatama. Asoosama kana keessattis baay'inni himoota lamaanii kan walitti dhiyaatuudha.

#### 4.2.2.2. Akaakuu Himaa Akkaataa Tajaajilaan

Himni tajaajila kanneen irratti hundaa'uun iddoo afuritti hirammuu danda'u.Isanis :-hima gaaaffii, hima ajajaafi hima addeessaa (ibsaa) Jedhamu. Asoosama kana keessattis akaakuun himaa kun arfan isaanii kan kan ofkeessaa qabuudha.

#### A.Hima Gaaffii

Himni gaaffii akkuma maqaa isaa hima gaaffii dhiyeessuudha.hima kana hima diibii barbaaadu ykn odeeffannoo wayii iyyaaffatu agarsiisuuf itti tajaajilamna. Himni kun mallattoo gaaffiin (?) kan xumuramuudha.Hima kana Werner (1985:5) yoo ibsu, '' A questions is a kinds of sentences that asks for information or for a ''yes'' or ''no'', jedha.

Haaluma ibsameen himni gaaffii odeeffannoo haaraa tokko argachuuf kan nugargaaruufi deebiin odeeffachuuf deebi'u immoo lakki ykn eeyyee jedhamuu kan danda'amuudha.

**Gabatee 11: Himoota Gaaffii**

| **lakk** | **Hima gaaffii** | **Fuula** | **Key** |
|---|---|---|---|
| 1 | Maalliif gaaffii koo naaf hin deebiftuu? | 1 | 2 |
| 2 | Maal kana qofa obboleewwan gidduuttis yoo ta'e jaalalli eessa jiraa? | 7 | 2 |
| 3 | Maatiin kee hoonagaadhaa? | 24 | 1 |
| 4 | Rakkinni hin jiru adabbiin isaa hoo maal ta'inna? | 25 | 1 |
| 5 | Abjuun kee maalii? | 66 | 2 |

3...**''Maal kana qofaa obboleewwan gidduuttis yoo ta'e jaalalli eessa jiraa?''** [fuula 1 fi key 2 ] kan jedhu hima gaaffiiti. himni kun hima gaaffii as keessatti Asoosichi waa'ee maalii barreessuu akka qabu murteessuu dadhabee of gaafachuudhaan kan itti tajaajilameedha.gama hawaasummaan yeroo ilaalu, yeroo ammaa oromoon warreen tayitaafi qabeenya qaban waliif

maluurra walitti maluu, wal tumsuu irraa abdii wal kutachiisuu, wal ijaaruu irra wal bittimsuutu bay'eedha.kanarraa wanti baru,tokkummaafi jaalalli jiraannaan hiyyummaafi diina keenya mo'achuu dandeenya.

**5...''eenyu inni laata ?''** [fuula 51 fi key 1] kan jedhu hima gaaffiiti.as keessatti qooddattuu Siifan sagantaa gummii dagaaggina afaan oromoo yuunivarsiitii Hamboo irratti walaloo '**eenyu inni laata**? **seenaa oromootaa kan dhoksuudhaf ka'ee iddoo seenaa qabdus ittuma dacha'ee'**...kan jedhu dhiyeessuuf,hima gaaffii kanatti kan tajaajilameedha.dabalatan akka hima gaaffiitti kitaabicha keessaa olitti kan fudhatame kun, gama naamusaan qabiiyyee dhiyaateedha.gaaffiin kun saba oromoo irratti eenyu akka daba hojjeteefi seenaa sirrii sabni kun qabu barbaddeessee kan balleesse,seenaa dhuftee madda walaabuun wal qabsiisee gaaffii gaafatameedha. kun ammoo,seenaa sabni tokko qabu dabsuu ykn haaqaaquun dhimma siyaasaa waan ta'eef, siyaaasas kan of keessaa qabuudha.

**B . Hima Raajeffannoo**

Himni raajeffannoos akaakuu himaa ta'ee, dhimma tokko wayita dinqisiiffannu, wayita aarru, wayita naanu, wayita gammannu, wayita kadhannufi kkf kan itti tajaajilamnuudha. Himni kun sirna tuqaalee keessaa mallattoo raajjeffannootiin kan xumuramuudha. Isuma ( 1985:5) hima kana yoo ibsu, ‘’an wxclamation expresses suprise, pleasure or other emotions,’’ jedha Asoosaan asoosamichaas,himoota akkanaatti dhimma baheera. Himni kunis gabateen agarsiifamaniiru.

**Gabatee 12: Himoota Raajeffannoo**

| **lakk** | **Himoota raajeffannoo** | **fuula** | **Keeyyata** |
|---|---|---|---|
| **1** | Mo'amuu! | 2 | 1 |
| **2** | Ishoo! | 18 | 2 |
| **3** | Dargaggoota akka kootii ugum! | 22 | 2 |
| **4** | Waanti hudinuu bitaa natti t'e uf | 26 | 1 |
| **5** | Maaloo waan barbaadde dafii raawwadhukaa! | 30 | 1 |
| **6** | Anis bakkan taa'uu olka'een bravo! | 53 | 4 |

**3. Dargaggoota akkakootii ugum!** Kan jedhu [fuula 22 fi keeyyata 2 ] akaakuu hima raajeffannooti. Asoosichi miidhagina qaama dubartootaa kan akka; ija,hidhii, ilkaan, mudhiifi guntutaa dinqisiifachuuf kan itti tajaajilameedha.gama waliin jireenya hawasummaa keessatti namni jaalala waliif qabu leellisuu irra darbee waa'ee namoota isa fakkaatan biratti akka isaan dinqisiifatan ofii isaa irra dhaabbatee waa'ee nama biroo kan tilmaameedha.

4... "**Waanti hunduu bitaa natti ta'e uf**!" [fuula 26 fi keeyyata 1] as keessatti qooddatuu Rooman jaalallee ishee Kennaa waliin fedha ishee raawwachuu barbaaddee yeroo inni yaada isheee hubachuu dadhabu **waamt**i **hunduu bitaa natti ta'e ufi** jechuun miira gaddaa kan dhageessifteedha.himni raajeffannoo kun naasuu ykn aarii qoodataa mudate agarsiisuuf kan dhufeedha. Himichi miira aariin guutame kan ofkeessaa qabuudha.

Walumaa galatti soosichi akaakuu himoota hundatti gargaaramuun yaada isaa kallattii garaagaraan ifa taasisee akka dabarfatu isa dandeessiseera.

### 4.2.3. Dogoggorawwan Gama Qubeessuutiin mul'atan

Afaan kamiyyuu seera qubeessuu mataa isaa danda'e qaba. Haaluma kanaan afaan oromoos seera qubeessuu mataa isaatii kan qabuudha. Afaan kana keessatti hamma sagalee dubbachiistuu irratti hundoofnee, sagalee dheeraafi gabaatti yoo jennu, hamma sagalee dubbifamaa irratti hundaa'uun immoo sagalee laafaafi jabaaa jennee qoonna.

Jabina sagalee agarsiisuuf gidduu jechaatti dubbifamaa lama walitti aansinee yoo barreessinnu, dheerina sagalee agarsiissuuf immoo dubbachiistuu lama walitti aansinee barreessina. Seera qubeessuu afaanichaa keessatti yoo qubee dacha ta'ullee, gidduwwan jechaatti dubbifamaan sadi walitti aanee hin barreeffamu. Akkasumas dubbachiiftuun sadi walitti aanee hin barrooftu. Jalqaba jechaattis dubbifamaan dubbifamaan walitti aanee hin barraa'u.

Seera qubeessuu afaan oromoo ala jechoonni barreeffaman asoosama kana keessatti darbanii darbanii nimul'atu. Isaanis kanaa gaditti gabateen mul'ifamaniiru.

**Gabatee 13: Jechoota Dogoggora Qubeessuu Qaban**

| lakk | Jechoota dogoggora qubeessuu qabu | Jecha sirreeffamee barreeffame | fuula | keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Oomisaa | oomisha | 14 | 1 |
| 2 | Gogora | gorora | 23 | 1 |
| 3 | Qabe | jalqabe | 24 | 2 |
| 4 | Gogorakoo | Gorora koo | 30 | 1 |
| 5 | Dadhaa | dadhaba | 43 | 2 |
| 6 | Wal huggonna | Wal dhunganna | 49 | 1 |
| 7 | Heen | isheen | 57 | 2 |
| 8 | Wal sijaalana | Walis jaallanna | 59 | 1 |
| 9 | Hin hubamu | Hin dhabamu | 76 | 1 |

1... Jechi **'gogora'** jedhu [fuula 23 fi keeyyata 1] dogoggora qubeessuu qaba. Innis jecha 'dorora' jedhu bakka bu'a ture. Kunis hima keessatti :-... miidhaginni ishee **gogora** nama cobsiisa...kan jedhuudha. Jechi kun dogoggoraan barreeffamuu isaatiin hiikaan hima kanaa beekamuu hin dandeenye. Kana hambisuuf asoosaan jechoota barreessu of eeggannoon barreessuu qaba.

5,Jechi **'dadhaa'** jedhu [fuula 43 fi keeyyata 2 ] rakkina qubeessuu qaba.innis jecha 'dadhaba' jedhu bakka bu'a ture. Jecha kana keessaa dubbachiisaa 'b' qofti waan biraa hafeef hiika himichaa jijiireera.kunis hima keessatti :-... kan dhaggeeffatutu **dadhaa...** kan jedhuudha.

Walumaagalatti asoosaan ergaa ifaafi hiika qabeessa ta'e dabarffachuuf jechoota isaa sirnaan qubeessuu barbaachisa. Itti fayyadamaan afaanii kamiyyuu guddina afaan tokkoo ariiffachiisuuf, haala qubeessuus ta'e caasaalee gara biro huda of eeggannoofi sirnaan itti fayyadamuun gaariidha. Dogoggorri heeddummate garuu, guddina afaan tokkof gufuu tahuu irra darbee ergaan barbaadamu osoo hin darbin akka hafu taasisa.

### 4.3. Afoola Asoosichi Itti Fayyadame

Asoosawwaniifi walaloowwan yeroo baay'ee hojii kalaqa isaanii keessatti afoollan hawaasaa kan garaagaraatti nitajaajilamu. Kunis kan ta'eef afoolichi hojii kalaqa isaanii miidhegsuuf, fedhii dubbistootaa akka qabu taasisuufi ergawwan barreeffamu gadi fageenyan ykn haala bilchina qabuun dabarsuuf iddoo guddaa waan qabuufidha.

Asoosamicha keessattis, asoosichi akaakuu afoolaa keessaa isa beekamaafi humna qabeessa kan ta'e mammaaksatti darbee darbee fayyadameera.

#### 4.3.1. Mammaaksa

Mammaaksi afoolawwan jiran keessaa tokko ta'ee, yaada bal'aa tokko gabaabsee haala ifa ta'een kan nuuf kaa'uudha. Mammaksi ''dubbi fida '' , ''dubbii cufa'' jedhamee beekama. Kanarraa waanti hubatamu , barreeffamas ta'ee dubbii keessatti mammaaksaan yoo fayyadaman dubbisaan ykn dhaggeeffataan yaada tokko gai fageenyaan akka xiinxalu taasisuu isaati.

Mammaaksi 'dubbi cufa' yennaa jedhamummoo, yaada namni tokko walii galteerra gahuuf guyyaa guutuu haasa'aa oolu,mammaaksa hima tokkootiin furuun ykn guduufuun nidanda'ama jechuudha. Asoosama kana keessattis mammaaksawwan muraasni kan argaman yoota'u, isaanis gabatee keessatti fakeenyaan armaan gaditti agarsiifamaniiru.

**Gabatee 14: Mammaksawwaniifi Dhaamsa Isaan Dabarsan**

| lakk | Mammaaksa kenname | Dhaamsa inni dabarsu | fuula | Lakk |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Namni abdii kutu hin mo'u. | Waan hojetan abdiidhaan akka hojjetan nama barsiisa. | 8 | 3 |
| 2 | Cittoo irratti fanxoo akka jedhan sana natti ta'e. | Rakkina duraan jiru irratti rakkoo biraan dabalataan akka mudate kan barsiisuudha. | 27 | 2 |
| 3 | Akka cabanitti okkolu. | Obsa kan nama barsiisuudha. | 41 | 1 |
| 4 | Sa'a abbaan gaaffa cabse ormi ija jaamsa. | Nama ofiif eeggannoo hin goone dabalataan namni biraan akka miidhu kan barsiisudha. | 41 | 1 |

**3... 'maal godhan ilmakoo akka cabanitti okkolu jedhanii callisan'** kan jedhu [fuula 41 fi keeyyata 1] mammaaksa oromooti.mammaaksi **'akka cabanittiokkolu**' jedhu kun kan agarsiisu,obsa.kun immoo waanti tokko akkaafi haala ta'uu qabu irraa maqee yeroo mul'atu akka boodatti sirratuuf yaadanii callisuu yoota'u,qabiiyyee inni asoosama kana keessatti akka dhimma itti ba'amu ta'eef immoo,uummanni oromoo sababa dhiibbaa siyaasaan afaan isaa akka gadi'aantummaatti ilaaluun kan biraa yeroo faarsan walitti mufachuu irraan kan ka'e,akka mammaakan asoosichi qooddattoota asoosamichaan kan mul'iseedha.

4**...'Sa'a abbaan gaaffa cabse ormi jia jaamsa.'** [fuula 41 fi keeyyata 1] mammaaksi kun kan ibsu abbaan dhimmaa dhimma isaa kan isa ilaallatu yoo ta'u, mammaaksa biraa barcuma ulfinaaa abbaatu ofiif kaa'a kan jedhaniin kan wal fakkaatudh. Asoosama kana keessatti akka dhimma ba'amu kan taasise,uummanni oromoo afaan isaa, aadaa isaa, seenaa isaa dagateeti.uummanni kun nama kamiin ykn qaama kamirrattuu utuu hin hirkatin dursee ofiif dhimmuu kan qabu, isuma akka ta'e,asoosama kana keessatti gorsa abbaan ilmaaf dabarsuun kan mul'ateedha.

Walumaa galatti akkuma zayitiin ittoo miyeessuuf oolu, mammaaksis dubbii dubbatamuufi barreeffama mi'eessuuf kan ooluudha.akkasumas, yeroo gabaabaafi jecha qusatamaatti gargaaramuun ergaa bal'aa kan dabarsuudha.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI  YAADA FURMAATAA

Dhimmoonni kutaa kana jalatti dhiyaatan  hojiiwwan qorannoo kanaa jalqabaa kaasanii hanga dhumaatti jiran bu'uureffatu.

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun akka walii galaatti haala fayyadama afaanii  asoosama 'Abdii Haadhaa'  jedhu keessatti  ilaaluu irratti kan geggeffame ta'ee, qabxiilee  hedduu gama fayyadama afaaniin ilaalamuu  danda'anis kaafamaniiru.

Qabxiileen qorannoo kana keessatti kaafaman keessaa seensi qorannichaa kutaa isa duraa keessatti kan argamuudha. Akka seensa qorannichaatti ariirranni, ka'umsi qorannoo, kaayyoon qoranno, barbaachisummaan qorannoofi  daangaan qorannoo ibsamaniiru. Itti aansuudhaan oddeffannowwan fayyadama afaanii ilaalatanii gama sakkatta'a barruu yaadrimeefi sakkatta'a barruu wal fakkiitiin argaman kaa'amaniiru. Akka boqonnaa saddaffaa keessatti  immoo, irraawwatamni, malli funaansa oddeeffannoo, malli qaaccessa oddeeffannoo, malli iddatteessuufi qindoominni qorannoo  mata duree 'mala qorannoo' jedhu jalatti ibsamaniiru.

Mala qorannootti aansudhaan xiinxalli fayyadama afaanii bal'inaan taasifameera. Xiinxalliin kutaa kana keessatti taasifames jalqabaa hanga xumuraatti fakkeenyotaafi gabateen deggeramuudhaan ibsamaniiru.kutaa kana keessatti jechoonni faallaa,jechoonni ergisaa, jechoonni loogaa, jechoonni hiika kallattiifi jechoonni hiika  alkallattii  asoosichi itti fayyadame raga asoosamicha keessa jiru  bu'uureffachuun qaacceffamaniiru. Akkasumas, dubbiin qolaa asoosichi itti fayyadame kanneen akka namoomsuu,akkasaafi arbeessuu xiinxalamaniiru. Kana malees, himootni asoosichi itti fayyadame hammaafitajaaajila isaanitiin hima gabaabaa, hima dheeraa, hima gaaffiifi hima raajjeffannootti hiramuun ibsamaniimaniiru. Kutuma kana keessatti afoolli asoosaan itti gargaarame mammaaksi qaacceffameera.

Kutaa dhumaa qorannoo kanaa keessatti  immoo cuunfaan qorannichaa, argannoon,yaanni furmaataa, wabbiileefi mallattoowwan taasifamaniiru.

Gama yaadotaafi filannoo jechootaa fayyadama afaanii asoosama qaacceffaman kana keessatti kan akka ciminaatti ilaalamuu danda'an jechoonni bakka barbaachisutti galuun fayyadama afaanii isaaa sirriitti kan hawaasni oromoo jiruufi jireenya isaanii keessatti itti fayyadaman ta'uu

isaati.akksumas, haala yeroo isaa wajjin wal qabachuunjechoota filatamoo barreessaan asoosama kanaa itti gargaarame baay'ee ciccimoofi sirriitti nama ibsuu danda'anitti tajaajilameera.kan akka dadhabinaatti ilaalaman immoo,barreessichi darbee darbee seera afaanichaa ala ba'ee baeessuufi dogoggora qubeessuu gargaaramuun isaa mul'ataniiru. Fakkeenyaaf, gama qubeessuutiin yoo ilaalle asoosichi asoosama isaa keessatti darbee darbee seera qubeessuu afaanichaan ala bahee qubeessuun isaa nimul'ata. Rakkoon kunis iddoo tokko tokkotti bakka sagaleen dheerachuu qabu gabaabsuun, bakka sagaleen jabaachuu qabutti immoo laaffisuun, jecha tokko keessatti dubbifamaan sadi walitti aansee fiduufi kkf nimul'ata. Dogoggorri kun immoo tarii dogoggora mana barreessaa keessatti uumamu ykn hubannoo gahaa dhabuu asoosamichaa irraa madduu mala.

Dabalatanis, asoosichi osoo jecha afaan kana keessaa dhimma tokko ibuu danda'u jiruu jecha ergisaan fayyadamuufi jechootni waaltawoon afaanicha keessa osoo jiranii jechoota looga naannowwan garaagaraatti argamaniin tajaajilamuun rakkoo fayyadama afaanii asoosamicha keessatti mul'atuudha. Hanqinni kun dubbistoonni ergaa (yaada) asoosama kana haala gaariin akka hin hubanne taasisa. Kana malees, asoosichi darbee darbee himoota gar malee hammaan dhedheertoo ta'anitti fayyadamuun fedhii dubbistootaa irratti rakkoo kan qabuudha.

Walumaa galatti fayyadama afaanii Abdii Haadhaa keessatti mul'tu dubbistoota asoosamaas ta'e,barreesitoota asoosamaaf bu'aa guddaa waan buusuuf,fuulleffannoon fayyadama afaaniis ta'e, hojiin barumsa afaaaniif gumaacha isaan godhan guddaadha.dabalataanis qabiiyyeen kitaabichaa dhugaa hawaasa keessa jiru ibsuu waan ta'eef jechootaafi himoota inni gargaarame akka salphaatti kan ilaalaman osoo hin taane,gadi fageenyaan xiinxaluun kan ibsananiidha.

### 5.2. Argannoo

Kaayyoon qorannoo kanaa fayyadama afaanii haala asoosama Abdii Haadhaa keessatti xiinxaluu yoo ta'u,qorataan ragawwan funaanuun erga qaaccessee booda argannoowwan armaan gaditti kaa'eera:

- Akkaataa barreeffama asoosama kanaatti barreessaan fayyadama afaanii garaagaraakanneen akka malleen dubbii,jechoota ergisaa,mammaaksaafi jechoota ciccimoo irra caalatti yaada barreeffamichaa ifa godhanii ibsanitti fayyadameera.

- Qabiiyyee asoosama ‘Abdii Haadhaa’ keessatti barreessaan jechootaafi yaadota inni gargaarame kan ergaa barreeffamichaa gama aadaan,siyaasaan,dinagdeen,jireenya hawaasummaa irratti xiyyeeffatu waan ta’eef,dubbisaan asoosama kanaa jechoota asoosamichi gargaarame gadi fageenyaan akka xiinxalanii bira ga’aan godheera.
- Barreessaan Sisay Reta fayyadama malleen dubbii keessatti jechoota kallattii addaa addaan wal bira qabee dorgomsiisuun ergaa dhokataa ittiin dabarsuuf gargaarameera.

**5.3. Yaada Furmaataa**

- ❖ Qabiiyyee asoosamaa fadama fayyadama afaaanii irratti gegeeffamu barreessittootaafi dubbistootaa barsiisuuf, muuxannoo jiruufi jireenyaa walii qoodoof,fayyadamni afaanii asoosamichaa gahee ol’aanaa waan taphatuuf,utuu dubbistoonnis ta’e,barreessittoonni fayyadama afaanii irratti xiyyeeffatanii gaariidha.
- ❖ Fayyadama afaanii asoosama keessatti danddeetii barreessittootaafi dubbisttootaa cimsu,akkasumas, kitaaba barnootaa keessatti illee galuun baruu barsiisuuf akka oolugochuudha.
- ❖ Aaan oromoo reefuu guddinarra jiru kana fiixan baasuuf Barreessittoonni dogoggora qubeessuufi sirna tuqaalee fayyadamyuu irratti xiyyeeffannoo osoo kennanii gaariidha.kunis gogoggorri qubee tokkichi hiika jechoota afaanicha keessa jiranii jijjiruu waan danda’uufiidha.
- ❖ Asoosaan  tokko himoota garmalee dhedheeroo ta’anitti fayyadamuu dhiisee himoota gagabaaboofi giddu galeessaan gargaaramuun barbaachisaadha.garmalee dheerachuun himootaa dubbistoota nuffisiisuu danda’a.

Walumaa galatti, asoosaan tokko barreeffama isaa gabaaf dhiyeessuun dura, yoo xiqqate seera qubeessuuf  haala qindaa’ina barreeffamaa irra deddeebi’ee dubbisuun mirkaneessuu qaba.

# WABILEE


Addunyaa Barkeessaa dhinsaa.NATOO; Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo, Finfinnee:Mega printing plc,2010.

Addunyaa Barkeessaa.(2014). Seemoo.Finfinnee:Far East Trading Plc.

Addunyaa Barkeessaa.(2011).Akkamtaa:Yaadrimee Qorannoo Hujoo.Finfinnee Adiyaamee Yoordaanos.

Asaffaa Tafara.(2009).Eelaa.Seenaa.Oguma Oromoo.Finfinnee:Far-East trading Press.

Cncyclopidia of America,1985 Volume 11 University of Chicango press.

Fedhasaa Taaddasaa .(2013). Suubii. Bu'uuraalee Ogbarruu Ooromoo. Maxxansaa: Suubii.

Geetaachoo Rabbirraa.(2011). Furtuu Seerluga Afaan Oromoo Kutaa 9fi 10 gulaallii 3ffaa.Maxxansa 8ffaa Addis Ababa: Kurazinternational Publishing enter prise.

Guutuu Mootummaa. ''Xiinxala Fayyadama Afaanii Asoosama Kabir Waadoo Gadaa''. Yuunivarsiitii Finfinnee: Waraqaa Qorannoo Digirii 1ffaa (kan Hin Maxxanfamne), 2010.

Melakneh Mangistu.(2006).Fundamentals of literature. Addis Ababa: Addis Addis Ababa University.

Mulugeetaa Warquu .(2013). Itti Fayyadama Afaanii Mana Murtii Aanaa Dandii Keessatti. Addis Ababaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (kan hin maxxamfamne).

Oliyaad Beenyaa ''Xiinxala Fayyadama Afaanii Asoosama Dhaabaa Wayy'es saa'' Yuuniversiitii Finfinnee: Waraqaa Qorannoo Digirii Tokkoffaa (kan hin maxxamfamne),2011.

Sisay Reta Dabi (2012). Abdii Haadhaa .Asoosama Dheeraa. Mana Maxxansaa: Suubii

Wasanee Bashaa Yaadatee.Seerluga AFAAN oromoo; Saaqaa afaan oromoo, Finfinnee :Efficient G.T , 2019.

**Waraqaa mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaa orannoo kun hojii koo ta'uu ibsaa hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaannee,ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

**Maqaa Qorataa:-__________________________**

Mallattoo______________________________

Guyyaa_______________________________

**Maqaaa Gorsaa:-____________________________**

Mallattoo_______________________________

Guyyaa________________________________